

KANA BEEKTUU?



BAR. BIINYAAM DAANI'EL
GAR. LAMMII MISGAANAA

KANA BEEKTUU?

KANA BEEKTUU?

BARREESSAA

BIINIYAAM DAAN'EEL

GARGAARAA

LAMMII MISGAANAA

GULAALTOTA

CAALAA TAADDASAA

SEENAA ABBABAA

DIZAAYNARA

LAMMII MISGAANAA

© MIRGI MAXXANSAA ISAA SEERAAN KAN EEGGAME DHA.

EYYAMA BARREESSAAN ALA KITAABA KANA MAXXANSUUNIS TA'E BAAY'ISUUN
SEERAAN KAN DHOORKAMEDHA.

KANA BEEKTUU?

SEENSA

- ❖ Barruu kana kan qopheesseef warroota dheebuu beekkumsaa guddaa qabanii fi isaanis kitaabolee akkanaa kan sammuu namaa gabbisan warra hin arganneef, akkasumas yeroo baay'ee kitaabonni maxxanfaman asoosama, saayikooloojii ykn immoo kan polotikaati. Kitaabonni akkanaa kan beekkumsa walii galaa fi saayinsii jiranis baay'ee muraasadha. Anis rakkoo kana waan hubadheef maaliif anumtiyyuu warroota akka kiyyaa rakkatan kanaaf waanan bare keessaa tokko tokko hin barreessine jechuunidha kan barruu kana barreessuuf na kakaase.
- ❖ Barruun kun fuula muraasa waan qabuuf atis waan xiqqoo qabdi jettee yaadda yoo ta'e na amani dogongorteetta. Barruun kun xiqqaatus beekkumsa baay'ee sammuu namaa gabbisanii fi bohaarsan baay'ee of keessaa qabdi.
- ❖ Kitaabni kun kutaa kudhaniin kan gargar qoodamedha. Anis kutaa kanneen keessatti wantoota ajaa'ibsiisoo, saayinsii, seenaa, bineensota fi kkf qopheesseera. anis akka dubbifan isin affeera.
- ❖ Dhaha as keessatti fayyadameeru baay'een isaanii kan warra giriigoriyaani (Gregorian calendar) kan ta'edha. Akkasumas jechoonni ingiliffaa baayyeen kan gara oromiffaatti hiikuun rakkisaa ta'ee fi namoonni baay'een hin galleef jedhee yaade mallattoo waraabbii qeenxee fayyadamuun ibseera.

BIINIYAAM DAANI'EEL

Onkololeessa 26/2/2013 ykn 5/10/2020

- ❖ Anis barataadha waan ta'eef wantoota an dogoongore gama kamiinuu barruu kana keessatti yoo jiraate fi yaada gara garaa kennuus yoo barbaaddan

Maqaa-	BIINIYAAM DAANI'EEL	LAMMII MISGAANAA
Karaa teessoo fuula – Telegiraamii-	@benasphy	@lemimsgn
G-mail-	1903binijesu@gmail.com	lemimsgn611@gmail.com
Lakk.bil-	0935011065	0935786877

KANA BEEKTUU?

GALATA

- ❖ Duraan dursee waaqayyo asiin na gahee fi barruu kanas akkan xumuru kan na godheef galanni haa ta'u. itti aansuun immo kitaabota dheebuu beekkumsaa qabu na dandamachiisaniifis haa ta'u.
- ❖ Akkasumas hiriyyoota koo gama yaadaan fi gulaaluun na gargaaran baayyee galateeffachuu barbaada.

YAADANNOO

- ❖ Warroota ganamaa fi galgala lammii ofii qaroomsuu fi haaromsuuf jedhanii tattaafatan akkasumas warroota lammii dubbisu omishuuf jedhanii hirriba dhabanii dhama'aniif naa haa ta'u.

KANA BEEKTUU?

BAAFATA

MATA DUREE

FUULA


1. Wantootaa ajaa'ibsiisoo -----	1
2. Seenaa namoota bebbeekkamoo -----	8
2.1. Abrahaam liinkan -----	8
2.2. Biil geets -----	11
2.3. Liyoonaardoo da vinchii -----	13
2.4. Maansaa muusaa -----	15
2.5. Albert ayinistaayin -----	16
2.6. Adoolf hiitlar -----	21
2.7. Meerii kurii-----	24
2.8. Kiliyoopaatraa -----	26
3. saayinsii keessaa -----	29
3.1. biig baang -----	29
3.2. evolution -----	32
3.3. $E=MC^2$ -----	33
3.4. holqa gurraacha (black hole) -----	35
4. bineensota ajaa'ibsiisoo -----	38
5. seenaawwan ajaa'ibsiisoo fi dhokatoo -----	41
6. xiin sammuu -----	46
6.1. yeroo -----	46
6.2. beekkumsa -----	47
6.3. dubbisuu -----	49
7. eertuuwwan (quotes) bebbeekkamoo addunyaa -----	50
8. taphoota ijoollee keessaa muraasa -----	52
9. seerota ajaa'ibsiisoo addunyaa -----	54
10. saayinsii ajaa'ibsiisoo -----	56

KANA BEEKTUU?

KUTAA TOKKO

WANTOOTAA AJAA'IBSIISOO

- ✓ Deendrokiroonoloojiin (dendro chronology) saayinsii guddina biqiltootaa qoo'atu dha.
- ✓ Dhibbantaan 90 nyaanni nu nyaatnu biqiltootaa 30 qofa irraa dhufa.
- ✓ Kaarotni jalqabaa bifti isaa daanguleessa (purple) dha.
- ✓ Raafuun dhibbantaan 91 bishaanidha.
- ✓ Hagayya 10 bara 2015tti astiroonomeroonni nyaata hawaa keessatti guddate yeroo jalqabaatiif nyaataniiru.
- ✓ Akka qorannoo bara 2015 godhametti namoonni nyaata isaanii keessattii mi'eessituu (spicy) fayyadaman umrii dheeraa jiraatu.
- ✓ Indoooneezhiyaan biyya addunyaa edola baay'ee qabaatuun 1^{ffaa} taatedha. Baay'inni isaas 13,000 ol ta'a jedhamee tilmaamama.
- ✓ Kuubaa fi kooriyaan kaabaa biyyoota addunyaa keessaa biyya kookaa koollaan (coca cola) itti hin gurgurammedha.
- ✓ Biyyoonni hordoftoota buudizimii kan ta'an taayilaand, burmaa, sirilaankaa, kaambodiyaa fi laa'os ayyaana waggaa isaanii guyyaa 3f kabaju.
- ✓ Awustraaliyaa keessatti lagni tokko maqaan isaa "gonkumaa gonkumaa" (never never) jedhamu ni jira!



Laga gonkumaa gonkumaa (never never)

KANA BEEKTUU?

- ✓ Hiikkaan ri'oo dejeneeriyoo (Rio De Janeiro) “laga ammajjii” (January river) yommuu ta’u maqaan kunis dogongoraan kan moggaafamedha.
- ✓ Biraazil keessatti gosti boororo jedhamu tokko keessa namoonni jiran hunduu gartuu dhiigaa O qabu.
- ✓ ‘Nomophobia’ sodaa mobaayilaan ala taa’uuti.
- ✓ Moobaayila darbuun tapha aadaa fiinlaanditi.
- ✓ Daree qoraa keessaa yeroo rafnu carraan abjuu arguu keenyaa guddaadha.
- ✓ Hammaa ati hima kana dubbistee xumurtutti seelonni kuma shantama du’anii seelonni haaraatiin bakka bu’amaniiru.
- ✓ Sammuu namaa keessatti wal-nyaatiinsi kuma dhibba sokkoo ol sekondii tokkoo keessatti ni taasifama.
- ✓ Namni ga’eessi tokko atoomota oktiiliyoona 7 (laakkoofsaan yoo kaawamu 7,000,000,000,000,000,000,000,000!) irraa kan ijaaramedha.
- ✓ Ilkaan qaama namaa keessaa kan ofiin of yaaluu hin dhandeenyedha.
- ✓ Osoo rifeensa sammuu namaa dhaloota isaa irraa eegalee hanga du’utti osoo ciratuu baatee hanga km 725 guddachuu danda’a.
- ✓ Daandiiwwan chaayinaa keessa jiran iddoo tokkootti osoo qabsiiifnee lafa kana si’a 2 naannawuu ni danda’u.
- ✓ Ayaanni waggaa chaayinaa guyyoota 15’f kabajama. Osoo kan biyya keenyaa akkas ta’ee hoo?
- ✓ Deenmaarki keessatti alaabaa biyyaa biraa gubuun seeraan kan dhoorkamedha. Garuu kan biyya ofii gubuun immoo seeraan kan eyyamamedha.
- ✓ ‘Eifel tower’ kessatti baalbii ifaa kuma digdamatu jira.



KANA BEEKTUU?

- ✓ Guutuu (even) fi hanquu (odd) jechi jedhu noorwey keessatti bal’innaan maqaa dhiirotaaf moggaa’udha.
- ✓ “Hippopotomoonstrosesquippedaliophobia”n sodaa jedha dheeraati.
- ✓ Bineeldonna akka booyyee, fardaa inumaayyuu ilbiisonni jaarraa hedduuf awurooppaa keessatti mana hidhaa kessa galchisiisamaa turan. Ani kan jedhu waggaa meeqa fa’a itti murteessan!!
- ✓ Toomaas Edisen namichi baalbii ifaa hojjate, gocha kanaaf kan isa kakaase sodaa dukkanaa guddaa qaburraa kan ka’edha.
- ✓ Giriik durii leessatti jechi gowwaa ykn wallaalaa jedhu fayyadamanii kan arrabsan nama polotikaa keessa hin jirreef. Bara kana hoo?
- ✓ “Svangerskabsforebyggende middle” jecha daanish (deenimaark) yoo ta’u, innis jechi hafuura nama kutu kun jecha koondoomiif fayyadamanidha!!
- ✓ Warrooonni iijipti durii kan wal-dhungatan funyaan isaaniitiin.
- ✓ Mootichi azeetiksii beekkamaan moonteezuumaan haadha warraa 600 ol akka qabu dubbatama!! Wanti biraa immoo isaan gammachisuuf jecha, chokoleetii baayyee akka nyaatu himama. Isin bakka isaa bu’aatii yaadaame!
- ✓ Jechi mana barumsaa kan ingiliffaa isa ‘school’ jedhamu jecha giriikii irraa kan dhufee yoo ta’u hiikni isaas sa’aatii boqonnaa jechuudha.
- ✓ Dhaabbanni saamunaa ilkaanii hojjatu ‘colgate’ rakkoo hamaa tokkotu naannoo biyyoota dubbattoota ispaanishii ta’an keessatti isa mudateera. Rakkichis jechi ‘colgate’ jedhu hiikni isaa dhaqii of rarraasi (go hang your self) jechuu waan ta’eefidha!!



KANA BEEKTUU?

- ✓ Biqiltoonni yommuu muuziqaa dhaggeefatan daddafanii guddatu.
- ✓ Bara 1849tti ‘Scotland’ kessatti cabbiin meetira 6 gahu samii irraa bu’ee ture.
- ✓ Harkisa lafaa jalaa bahuuf saffisa 11.2 km/s deemuu qabna.
- ✓ Yeroo hancqqee (maastikaa) nyaannu sammun keenya dandeettii waa yaadachuu isaa ni dabala.
- ✓ Ashaaraan harka nama hundaa akka garagara ta’e kan arrabaas gara gara.
- ✓ Raashiyaa keessattii kaaffee ajaa’ibaa tokko keessatti gatii hamma nyaattee osoo hin taane sa’aatii ati hangam fayyadamte ilaallamee kaffalta. Sababa kanaan namoonni baay’een daddafanii nyaachuuf jecha hudhamanii argamu.
- ✓ Ummanni ameerikaa naannoo qarqara arkitikii jiraatu sababa qorra hamaa san irraa kan ka’e nyaata isaanii rifirijireetara keessa kaa’atu.
- ✓ Liyonaardoo daavinciin harka tokkoon barreessaa karka biraan fakkii ni kaasa. Seenaa namicha kanaa kutaa lammaffaa irratti ni argattu.
- ✓ Fara’oona dhumaa ijipitii kan taatee fi baay’ee bareedduu kan jedhamtu kiiliyooapaataan nama ijipitii osoo hin taanee kan giriikii turte. Seenaa ishee kutaa lamaffaarratti ni argattu.
- ✓ Mahaatama gaandiin akkuma beeknu nama beekkamaa nageenya irratti shoora guddaa taasise kun yeroo 5 badhaasa noobeeliif dhiyaatuus yeroo 1 injifachuu hin dandeenye.
- ✓ Jamaayikaa keessatti wal-quunnamtii saalaa dhiira gidduutti yoo raawwatamu argame waggaa 10 nama adabsiisa garuu kan dubartootaa eyyamamaadha.
- ✓ Saadam huseen akkuma beekkamu namoota iraaq baay’ee irratti cunqursaa gochuun kan beekkamudha. Garuu wanti nama ajaa’ibsiisu asoosama jaalalaa barreessee ture.
- ✓ Iraan keessatti seera bara 2013 bahe irratti abbaan tokko mucattii isaa waggaa 13 yoo guutte fuudhuu ni danda’a!! kana maal jettu.
- ✓ Haadholiin gosa maanchuu jedhaman chaayinaa keessatti kana argaman mucaa isaaniitiif jaalala qabaniif ibsuuf dhungachuu caalaa qaama wal-quunnamtii saalaa isaanii qaqqabu. Sababni isaas wal-dhungachuun isaan biratti aadaa baay’ee hamaadha.inumaayyuu kan nama ajaa’ibu uummata baldhaa afootti (public) waan kana raawwatu.
- ✓ Indiyaan biyyoota addunyaa kamuu caalaa baay’inna mazgidotaan 1^{ffaa} dha. Baay’inni isaas kuma dhibba sadii ol ta’a.

KANA BEEKTUU?

- ✓ Dhaabbannii hawaa kooriyaa kaabaa ‘NADA’ yommuu jedhamu afaan ispaanishiitiin hiikni isaa homaa(nothing) jechuudha.
- ✓ Dhibbantaa 75 lammiileen raashiyaa aduun lafarra naannofti jedhanii amanu.
- ✓ Mobaayilii (cellphone) jalqabaa kan hojjatame bara 1973tti yommuu ta’u innis kan kalaqame nama maartiin kuupper (Martin cooper) jedhamuun hojjatame.



- ✓ Biriiteen keessatti waggaa waggaadhaan moobayiloonnii kuma dhibba tokko ta’an mana fincaanitti akka badan ragaan tokko mirkaneesseera.
- ✓ Hundeessaan dhaabbata mobaayilaa ‘apple’ kan ta’e ‘Steve Jobs’ hojjattoota apple hundaaf mobaayila ‘iphone’ tolaan kenneraafi.
- ✓ Hollannaan lafaa bishaan gara warqiitti jijjiiruu akka danda’u jornaaliin ‘nature geoscience’ mirkaneesseera.
- ✓ Hitler yeroo daa’imummaa isaattii qeesii (priest) ta’uu barbaada ture.
- ✓ Keessa lafaa keessatti warqii gahaa irra lafaa kana kan guutuutu jira.
- ✓ Gammoojjii atakaamaa chiilii keessatti argamu roobni erga roobeetii waggaa 400 ta’eera; Naannoon keessan osoo akkana ta’ee maal gootu.
- ✓ Biyyoota addunyaa kamuu caalaa kan sirritti daawwatamtu ‘France’ dha.
- ✓ Sekondii 1 keessatti daa’imman 4 ni dhalatu.
- ✓ Lafarratti baakteeriyaa kuwaadriliyoona kuwaadriliyoona 4tu jira!!
- ✓ Qubni gidduu galiiliyoo galilee muuziyeemii saayinsii ‘Flourence’ Itaalii keessatti argama.

KANA BEEKTUU?

- ✓ Fakkii moonaaliizaa waggoota muraasaaf daree ciisichaa naapoliyoon bonaapoortee keessa turte.
- ✓ Bineensi ‘Jesus Christ Lizard’ jedhamu ni jira. Moggaafni isaas kan kennameef bineensichi kun akka iyyesuus kiristoosii galaana irra deemuu waan danda’uuf.
- ✓ Vaayiresoonni vaayirasoota biraa qabuu ni danda’u.
- ✓ ‘Cleveland’, ‘ohio’ USA keessatti hantuuta qabuuf seera laayisensii kan hantuuta adamsuu qabaachuu qabda. Sanaan ala seeraan adabamta.
- ✓ Hoteellii duraa hojii jalqabee DH.K.B 405 ture.
- ✓ Kosiwwan baay’een mana kee keessa jiru gogaa du’eeruu dha.
- ✓ Dhibbantani 36 uummanni USA waaqayyoo nutti dubbateera jedhuu.
- ✓ Maadagaaskaar edola guddaa addunyaa 4^{ffaa} dha. Kan inni durfamuu ‘Greenland’, ‘New guinea’ fi ‘Borneo’ dha.
- ✓ Asiidii garaacha keenya keessattii argamu ciminnaa hanga milaacci wajjiin bulbulamu qaba.
- ✓ Gidduu galeessan namni tokko hirriba rafuuf daqiiqaa 7 iti fudhata.
- ✓ Barri ifaa tokko maayila 5,865,696,000,000 wajjiin walqixa.
- ✓ Weellistuun addunyaa bekkamtuun shaakiraan yeroo mana barnootaa keessattii gumii sirbaa keessa seentee hojjetaa turteettii barsiisaa ishee ari’ee ture; sababni isaas waan akka re’eettii sirbiteef jedheetii.
- ✓ Laayiteriin kibriitiin dura argame.
- ✓ Bara 2011^{ttii} namittiin takka fakkii hin muldhannee (invisible) qarshii doolaaraa 10,000 bitteettii.
- ✓ Biraazil keessatti hidhamaan tokko waggaa itti murteeffame ofirraa hir’isuu yoo barbaadde wanti inni godhuu qabu:
 - Kitaaba 1 dubbisee yoo fixe hidhaa waggaa itti murtaa’erraa guyyaa 4 hir’ifama. Kana jechuun kitaabota 91 yoo dubbise waggaa 1 hir’ataaf jechuudha. Dhugamaan kun yaada namatti toludha sababni isaas kitaaba dubbisuun nama guutuu waan taasisuuf.
 - Inni lammaffaan immoo biskileetii oofuun human anniisaa inni maddiisiisu irratti hundaa’a.

KANA BEEKTUU?

- ✓ Saayintistoonni turkii oduu tibbana baasaniin torbaan keessatti namni tokko guyyaa sadi ykn afur wal-quunnamtii saalaa yoo raawwata ta'e dhagaa kalee of keessaa balleessuu ni danda'a.
- ✓ Dureessa addunyaa kan ta'an biil geetis yeroo barumsa seeraa baratanitti piroofesara isa barsiisuun waggaa 30^{tti} miliyoonara nan ta'a jedhee ture. Wanti nama ajaa'ibsiisu immoo waggaa sanatti miliyoonara ta'uurra darbee waggaa 31tti biliyoonara ta'uu danda'eera!! Nama kaayyoof kutate jechuun kana mitiiree!
- ✓ Bara 2017tti namittiin takka kan chawu smiiz jedhamtu maaraatoonii 7 guyyoota walittii aanan torbaaf ardiilee torba irratti fiigdee jirti! Sababni isaas ayyaana waggaa 70ffaa ishee kabajuuf.
- ✓ Kutaan (state) haaraa yoo ameerikaa keessatti dabalame urjiin haaraa alaabaa USA irratti adoolessa 4 ni ida'ama.
- ✓ Singaapor keessatti 'wifi' nama biraa eeyyamaan ala yoo fayyadamtu argamte hidhaa waggaa 3 ykn qarshii doolaara kuma kudhan adabamta.
- ✓ Neezerlaand keessatti sababa dhukkuba ykn sababa gara garaatiif osoo waggaa lamaaf hojii dhaabdeetu mindaa ji'aa 70% siif kaffalama.
- ✓ Noorwey keessatti barataa addunyaa kamiin irraa dhufuuf mana barumsaa mootummaa irratti kaffaltii malee barsiisu.
- ✓ Ragaan tokko akka ibsutii balaa konkolaachiftoonni sababa guddaa kan ta'e yeroo muuziqaa baay'ee jaallatan dhaggeefatanidha.
- ✓ Guyyaa 1 keessatti g/g sa'aatii saddeetiif yoo rafte waggaan kee 99 yoo ta'e waggaa 33 hirribatti dabarsite jechuudha.
- ✓ Namni tokkoo osoo waggaa 25 fi isaa olitti fuudhee ykn heerumtee dhibbantaa 60n carraa hiikkaa isaan gidduutti uumamu hir'isuu ni danda'u.

KANA BEEKTUU?

KUTAA LAMA

SEENAA NAMOOTAA BEEKKAMOO ADDUNYAA

❖ ABRAHAAM LIINKAN (ABRAHAM LINCOLN)



- Abrahamaam Liinkan abbaa seera kan tahee fi pirezideentii ameerikaa 16^{ffaa} ta'uun bitootessa 1861 qabee hanga guyyaa ajjeefamee pirezidentii biyyichaa ta'uun bulcheera.
- Seenaa namicha kanaas kanan isiniif dhiyyesse gochoota akka farra gabrummaa, mootummaa biyoolesichaa jabeessuu, diinagde biyyattii mirkanessuu fi k.k.f irrattii gocha hayyoota hedduu birattii pirezidentii cimaa USA isa jechisiisuu waan hojjateef irraan ka'eetii. Mee asiin gadittii seenaa isa xiqqoo dubbisaa.
- Abrahamaam linkan gurraandhala 12 bara 1809^{tii} Kentucky keessatti thoomaasii fi naansii haanksi irraa dhalate.
- Abrahamaam dhalatee waggaa 9^{tii} ykn bara 1818^{tii} haatii isa naansiin sababa dhukkubaan addunyaa irra boqottee. Sana booda abbaan isaanii namittii sarah jedhamtuu fuudheera. Abrahamaam immoo haadha buddenaa isaa wajjiin hariiroo cimaa uumuun akka haadhaa fi ilmattii wal ilaalu turan. Garuu wanti badaa mudatuu isaa maatii kana keessattii akkuma baratame bara 1828^{tii} obolettiin Abraham isheen hangafa osoo dahaarttuu lubbuun ishee darbuu danda'eera.
- Namoonnii ollaa isaa bayyeen atii homaa hin beektuu ykn wallaalaa jedhuun ture. Garuu deeggarsa haadha buddeena isaa irraa argatuun cimaa akkasumas abrahamaam nama ofiin of barsiisee (self educated) dha. Dubbisuus garmalee jaalata turee.

KANA BEEKTUU?

- Odeeffannoon tokko tokko akka jedhanitti jaalalleen jalqabaa abrahaam kan taatee ann raatleej kan jeedhamtuu yommuu ta'u Garuu yeroo kanattii jaalalaan turan malee walii hin fuune ture. Wantichi nama gaddisiisuu immoo hanga abaarsa waaqayyoo namicha kanarrattii buuseera jechisiisuttii jaalallleen isa tun yeroo baayyee osoo waliin hin dabarsin bara 1835 sababa taayifooyidiitiin jalaa duuteettii.
- Abrahaam sana booda rakkoo hedduun booda muddee 4, 1842^{tii} mary todd mucayyoo jedhamtuu warra abbaa qabeenyaa kan taatee fuudhuus dandaheera. Sana boodas ijoollee afur horachuus dandahaniiruu.
- Liinkan yeroo mana mare bakka bu'oota USA filatamettii gochoota akka lola meeksikoo ameerikaa, gabrummaa fi k.k.f irrattii dubbachaa ture.
- Bara 1854^{tii} mana mare bakka bu'oota uummataas filatameera. Akkasumas 1858^{tii} seeneettii tahuuf yaaleera. Garuu ni injifatamee malee.
- Dandeettii aja'ibaa inni qabuu kun paartii rippaablikaanotaa birattii sirrittii akka beekkamuu isa taasiseera. Yaadota bilchaatoo waa'ee gabrummaa fi tokkumma biyoolessaa irrattii kaasuu kanaan bara 1860 paartii rippaablikaanotaa hoogganuun pirezidantummaa ameerikaatiif dhiyaateera.
- Sadaasa 6, 1860 liinkan pirezideentyii ameerika 16^{ffaa} tahuun morkii guddaa douglas, breekinriijii fi bell wajjiin taasisuun dhumarrattii akkasumas pirezidantii USA jalqabaa paartii rippaablikaa irraa injifachuu danda'ee tahuun injifachoo goonfachuu danda'eera.
- Abrahaam liinkan dorgommii kana injifachuu kan danda'ee deeggarsa jabaa warraa kaabaa fi lixaa irraa argateeni. Naannoo 15 kibbaa keessaa 10 irrattii namoonni isa filan inumaayyuu hin jiru turee. Tahuus garuu injifachuu danda'eera .
- Erga abrahaam injifateen booda warroonni kibbaa warrota kanneen biroo irraa fottoquuf sochii eegalan. Abrahaam liinkan yaada gabrummaa mormuun beekkamus, yaada addaan fottoquu warra kibbaa kana guutummaan guututtii mormaa ture.

KANA BEEKTUU?

- Sababa kanarraa kan ka'ee waraana waliinii (civil war) ameerikaa eegaluu dandaheera. Sababa waraana kanarraa kan ka'ee namoonnii baayyeen fi qabeenyi hedduu manca'uu danda'eera. Sababa kanaan abrahaam guutummaa biyyattiitti yeroo tokkoo tokkoo fudhatama dhabaa ture.
- Waraannii jibbisiisaa kun wagga afuriif erga geggeeffameen booda humnoonnii federaala warroota kibbaa injifachuun akkasumas yaadni gabrummaa akka dhaabbatus ta'eera. Yaa uummata koo waraannii yoomiyyuu nuu hin fayyadu sababa warroonnii polotikaa fedha dhuunfa isaaniitiif jedhanii godhan kana osoo uummata ajjeesisuu dhaabani bareeda jechuu barbaada. Akkuma oromoon mammaaka isaatiin "Arbi lama yoo wal lole giddutti kan miidhamu sanbaleexa." Jedhuu sana yeroo kanattii nuti akkamitti biyya keenya jijjiirra jechuu qabna malee waraana waliinii kaasuuf yaaduu hin qabnu.
- Gocha jibbisiisaa kana booda warroonnii kibbaas kanneen biro waliin nagaa uumuun nagaa ofii duraattii deebi'uus danda'aniiruu.
- Waraannii kun xumuramee guyyoota muraasa booda abrahaam liinkan guyyaa jimaata 14, 1865 tiyaatera foord keessatii nama 'john wilkes' jedhamuun rasaasaan rukutamee ajjeeffameera. Silaayyuu namoonnii waan gaarii hojjatan bifa nama jibbisiisuun ala du'uun kan baratamee miti.
- Abrahaam liinkan bifa akkana nama jibbisiisuu kanaan du'us seenaan yoomiyyuu nama akkana kana hin dagatuu. Isiniis seenaa ajaa'ibaa kana hojjadhadhaatii du'aa jechuun barbaada.

KANA BEEKTUU?

❖ BIIL GEETIS (BILL GATES)



- Biil geetis abba qabeenya addunyaa keenya kan ta'ee fi paawul allen wajjiin ta'uun kaampaaanii "MICROSOFT" hundeessuun kan beekkamudha. Akkasumas haadha manaa isaa wajjiin ta'uun hojii tola ooltummaa inni hojjatuun baldhinaan kan beekkamuu dha.
- Biil geetis waashiingten keessatti onkololeessa 28, 1955 dhalate. Abbaan isa nama seeraa yommuu ta'uu haatii isaa immoo aangoowwan adda addan mootummaa tajaajiluun beekkamuu.
- Biilgeetiis umrii ijoollummaa 13tti turee jaalala sooftiweerii koompitaraa kan horate. Biil geetis koompitaraaf jaalala guddaa qabaatuus kitaaba dubbisuuf jaalala garmalee qaba sababa kanaan maatiin isaayyuu ijoollee biro waliin walittii madaquu irrattii rakkoon akka isa hin mudannee shakkii qabuu ture.
- Biil geetiis piroograamii ibsaa tiraafika to'atu hojjechuun qarshii doolaaraa 20,000 kan argatee umrii ijoollummaa isaa 15 ture.
- Maatiin isaa akka inni sirrittii baratee akka abbaa isaa nama seeraa ta'uu waan barbaadaniif hojii inni jaalattuu kana akka dhaabuu isa taasisan. Sana booda barumsa sadarkaa lammaffaa irraa qabxii olaanaa galmeesisuun yuunivarsitii haarvaard seenuu danda'eera. Dhiibbaa maatii isaa irraan kan ka'ee barumsa seeraa isaa barachuuf karoorsus bara jalqabaa isaattii

KANA BEEKTUU?

barumsa dhiisee daree koompitaraa deemaa ture. Sana booda garuu barumsa isaa addan kutee hiriyyaa isaa paul alleen wajjiin ta'uun kaampanii Microsoft bara 1975 hundeessaniiruu.

- Jalqaba yeroo dhaabbannii kun hundeeffamuu teessoon isaa albaakark, New Mexico yommuu ta'u garuu bara 1979 irraa eegalee gara magaala beeliviwuu, Washington jijjirameera.
- Ebla 1986 geetsii kaampanii maayikiroosoofitii parsantii 55 uummataaf ykn aksiyoonii dhiyeessuun sheerii tookkoon tokkoon doolara 21'n gurgureera. Getis kaampaaniicha keessaa parsantii 45 ykn doolara miliyoona 234 kan ofii godhate. Haaluma kanaan waggaa 31 miiliyoonara ta'uu danda'eera.
- Biil geetis jalqaba kaampanicha irraa ka'uun hanga bara 2006 kaampanicha keessattii hoogganaa ta'uun tajaajileera.
- Qarshii doolara biiliyoona 114.7 yeroo amma ni qaba. Waggoottan hedduuf abbaa qabeenya tokkooffaa ta'us yeroo dhihoottii 'Jeff Bezos' injifatamu danda'eera. Sababni isaas qarshii isaa baayyee hojii tola ooltummaaf waan oolcheef.
- Yeroo waggaa 32 turettii mucayyoo wagga 23 kaampanii isa keessa hojjettuu meelinda fireenchi waliin wal baran. Sana booda turtii yeroo jaalala dheeraan booda ammajjii 1, 1994 edola haawaay irraattii cidha taasisaniiruu. Garuu wanti nama gaddisiisuu ji'oota muraasa booda haatii biil geetis sababa kaansarii harmaan lubbuun ishee darbuu danda'eera.
- Sana booda biil geetis ijoollee sadii jeeniffer, roorii fi foobii haadha manaa isaarra argachuu danda'era.
- Biilgeet qabeenya hedduu qabu kanarrattii du'uu waan hin barbaadneef haadha manaa isaa faanaa bara 1994 wiiliyaam H.geetis faawundeeshiinii akkasumas boodarrattii kan gara meelindaa fi geetis jedhuu jijjiiramee hundeessaniiruu. Sana booda qarshii biiliyoonaan laakka'amu hojii tola ooltummaaf oolchuu danda'aniiruu. Abbaan qabeenya beekkamaan inni biraa waaren buuffeet qarshii doolara biiliyoona 17 dhaabbata kanaaf kennuu danda'eera.

KANA BEEKTUU?

- Biil hooggana ‘Microsoft’ irraa bara 2006 nama baalmaarii jedhamuuf keennanii irraa bu’aniiruu. Sana boodas aangoo biraatiin hoogganaa turanis waxabajjii 27, 2008 guutuman guututtii kaampaanicha keessaa bahuun yaada ofii gara hojii tola ooltummaattii deebiseera.
- Biil geetiis osoo biiyya tokko ta’etii biyya addunyaa keessaa qabeenyaan 63^{ffaa} irratti argamu ta’a turee!!! Akkasumas qorumsa SAT 1600 keessaa 1590 deebisuun hangam dandeettii akka qabuu muldhiseera.
- Daa’imman isaa qarshii doolara biiliyoona 114.7 keessaa tokkoon tokkoo isaanii qarshii miiliyoona 10 qofa kenneefi! Akka ani yaaduttii yaada baayyee namattii toluu sababni isaas daa’imman qarshii haadhaa fi abbaa isaniitti of amantee guddachuu osoo hin taanee dafqa ofiittin kan fidan wayya.

❖ LIYOONAARDOO DAA VIINCHII (LEONARDO DA VINCI)



- Liyoonaardoo dii siyeer piyeeroo daa viinchii ykn gababumattii liyoonaardoo da viinchiin dhalataa itaalii kan ta’ee fi hojiiwwan akka fakkii kaasuu , waa kalaqu, arkiteekchara, qorataa hawaa, bootanistii, barreessaa seenaa, kaartaa kaasaa ykn kaartographer fa’a irrattii hojiiwwan hojjateen baldhinnaan beekkama. Dabalataan sirba alii birraa isa moonaalisaa jedhuu irrattii dhagettanituu jedheetii abdii godhadha. Garuu irra caala kan inni beekkamuu fakkii moonaliisaa fi irbaata xumura (last upper)nidha.

KANA BEEKTUU?

- Liyoonaardoon ebla 15 bara 1452 floorensii italii keessattii dhalate. Maqaan guutuu isa ykn kan inni dhalootaa Liyoonaardoo dii siyeer piyeeroo daa viinchii dha. Hiikni isaas liyoonaardoo mucaa ser piyeero viinchii irraa jechuu dha. Liyoonaardoon obolewwan 12 qaba turee. Garuu ijoollen sun hundii haadha gara garaa lama irraa kan argamanii dha. Wanti nama ajaa'ibu immoo oboleessii daa viinchii innii dhumaa yeroo dhalatuu daa viinchiin waggaa 40 ture!
- Liyoonaardoon fakkiiwwan jaha waggaa 17 kessattii fixeera. Daaviinchiin irbaata xumura (last upper) kaasuuf waggaa 3 akkasumas moonaalisaa kaasuuf waggaa afur akka itti fudhate himama.
- Liyoonaardoon akkasumas hojiiwwan design akka aeroplane, helicopter, paaraashuutii fi taankii digrii 360 socho'u hojjachuun dandeettii isaa kan mirkaneessee dha. Akkasumas robot wajjiin kan wal qabatee irrattis hojjateera. Mee yaadaa jaarraa 15^{ffaa} keessattii inumtiiyyuu.!
- Liyoonaardoon bara 1506-1510 barreeffama inni barreessee kaa'e isa "Codex Leicester" jedhamu kan fuula 72 of keessaa qabu, yeroo dhiyoo kana caalbaasiif ifa tahee biiliyoonarri beekkamaan addunyaa keenyaa biil geetis qarshii doolaara miiliyoona 30.8 caalbaasii irrattii injifachuun kan ofii godhachuu danda'eera.
- Wanti nama ajaa'ibsiisu fi inni bira daa viinchiin hojii isaa bifa koodiin ykn akka barreeffama arabiffaa mirgaa gara bitaa fa'a barreessaa kaa'aa ture. Kanas kan godhuu hojiin isaa akkaa jalaa hin fudhatamneefi ture.
- Liyoonaardoo daa viinchiin iddoo kilaawuski jedhamuttii bara 1519 waggaa 67^{tii} addunyaa kana irraa boqotuu danda'eera. Awwaallii isaas charchii filoorensii keessattii godhameeraafi.

KANA BEEKTUU?

MAANSAA MUUSAA




- Maansaa muusaa ykn maqaan sirriin muusaa keeyitaan maansaa 10^{ffaa} kan ta'ee dha. Maansaa jechuun “Sulxaana (mootii)” jechuu dha. Muusaan impaayeraa baldha afrikaa yeroo sanaa kan taatee maalii keessattii mootii akkasumas abbaa qabeenyaa beekkamaas ture.
- Maansaa muusaan bara 1280 akka dhalatee himama. Muusaa keettaan akka ragaaalee bocaa fi wantoota adda addaa maalii keessattii argameen maansaa muusaa jedhamuun beekkama. Akaakayyuun maansaa muusaa abu-bakar kan jedhamuu oboleessaa hundeessaa maalii sundiyaataa keettaatii.
- Maansaa muusaan wanta addunyaa irrati beekkamu keessaa tokko deensa gara makkaa ykn isa hajjii jedhamuu taasisuun beekkamu. Akkka ragaleen tokko tokko ibsutii namichi kun bara 1324-1325 gidduutti hajjii akka taasissee agarsiisa. Yeroo kanattii namoota 60,000 fi garboota (slaves) 12,000 tokkoon tokkoon isaanii warqii Kg 1.8 ulfaatuu qabatanii isa waliin gara makkaatti akka imalan dubbatama. Wanti nama ajaa'ibsiisuu immoo namoota rakkatan daandii inni irra imalu yoo arge warqii sana kennaafii bira darba ture.
- Maansaa muusaan sababni hajjii taasisseef akkuma beekkamu seera amantichaa sana hordofuu qofa osoo hin taanee barnoota tokko tokkos warroota amantaa achi jiran irraa baratuufis ture. Namni kun amantaa islaamaa babalddhisuu keessattii shoora guddaa

KANA BEEKTUU?

taphateera. Inumaayyuu wanti nama aja'ibu guyyaa jimaata jimaataa yeroo hundaa masgiida tokko tokko ijaaruun beekkama.

- Maansaa muusaan masjidotaa fi madrasah (bakka itti baratamu) hojjechuun beekkama. Keessattuu magaala timbuktuu fi gaa'oo keessattii. Akkasumas yuunivarsiitii (madrasah) saankooree bara isaa keessa ijaarama. Yuunivarsiitii amma warri adiidiin ittiin boonan kana jalqaba kan ijaarsise gurraacha kana ta'uu isa hangam akka beekan hin beekuu ani.
- Akkasumas qabeenya doolara biiliyoona 400 qabaachuun addunyaa irrattii hanga har'a qabeenyaan tokkooffaa nama ta'ee dha. Garuu warroonni adiin 'Augustus cesar' qarshii doolara '0.1 trilion' qaba jedhamus hanga ammaattii ragaan hin jiru.
- Guyyaan ykn barri maansaa muusaan du'ee hayyoota hedduu birattii falmisiisaa kan ta'e yommuu ta'uu garuu kan hayyoonnii baayyeen itti amanan bara 1337^{tii} akka ta'ee dha.

🌈 **ALBERT AAYINISTAAYIN (ALBERT EINSTEIN)**



- namni kun hayyuu fiiziksii kan ta'ee fi addunyaa guutuun kaabaa hanga kibbaa, dhihaa hanga bahaa daa'ima hanga jaarsaa, hiyyeessaa hanga dureessaa addunyaa guutuu jechuun hanga danda'amuttii Kan beekkamuu dha. Hayyoota hanga har'a addunyaan kun argitee keessaa isa

KANA BEEKTUU?

baayyee beekkamaa fi fiiziksii ammayyaaf bu’uura kan ta’an yaada birqaba (theory of relativity) fi quantum physics irrattii nama gahee guddaa hojjatee fi yaada waggoota baay’eef ture kan jijjiiree dha. Dhugaan isiniin jedha seenaa namicha kana ohh dhifama hayyuu malee kana isiniif dhiyeessuuf fuula 4 miti kitaabni 4 gaha mitii anis osoma na gaddisiisu xiqqeessee barreessuuf yaaleera. Yeroo kana jedhu ayinistaayini fi jaalatoonnii physics dhiifama akka naa godhan abdii godhadheeti. Hojiiwwan innii ittiin beekkamu yaada birqaba (theory of relativity), “photoelectric effect” fi isa addunyaan guutuun beekuu foormullaa $E=MC^2$ isaan muraasa dha. Akkasumas badhaasa noobeelii bara 1921 nama injifachuu danda’ee dha.

- Albert ayinistaayin bitootessa 14, 1879 magaala “’ulm”, jarman keessattii hermaan ayinistaayinii fi paawuliin koochi irraa dhalate. Maatiin isaas sanyummaa ayhuudii kan qabanii dha.
- Ayinistaayin yeroo ijoollummaa isaattii dandeettii dubbachuu fi yaada isaa baayyee xiqqaa waan ta’eef maatiin isaa sodaa mucaaan isaanii akka gowwaa hin taanee qabu turan. Hanga dubbachuus eegaleen booda afaan waliin dhaha ture. Akkasumas yeroon umriin isaa barnootaaf ga’eti barumsa seenee hiriyyoota isaa fi barsiisota isaa waliin sababa kanaan wal dhabaa ture. Wanti nama ajaa’ibu immoo barsiisonnii baayyeen “gowwaa, wallaalaa” fa’a jechuun arrabsuun ture.
- Ayinistaayin yeroo ijoollummaa isaa irrattii herreega fi fiiziksii baayyee akka jaallatuu fi cimaas akka turee dubbatama. Inumaayyuu waggaa 12^{tti} aljebiraa fi ji’oomeetiri ikuulid ganna tokko keessatti ofiin of barsiisuu danda’eera. Wanti nama ajaa’ibu biraa waggaa 12 yeroo turettii tiyooramii payitagorasii karaa adda ta’een argachuu danda’eera. Akkasumas herreega wal xaxaa kan ta’e ‘calculus’ waggaa 12 of barsiisaa turee waggaa 14 yommuu ta’u sirritti ‘integral and differential calculus’ isa jedhamu sirrittii of barsiisuu danda’eera.

KANA BEEKTUU?

- Barumsa isaa sadarkaa lammaffaa isaas addaan kutuun gara swiss bara 1895 imaleera. Sana booda waggaa 16 kolleejjii ‘swiss federal polytechnic institute’ seenuuf qoramus qormaaticha darbuu hin dandeenyee, sababni isaas herreegaa fi fiiziksi qabxii gaarii fidus barnoota biroottiin immoo qabxii barbaachisaa waan hin fidneef kufuu danda’eera.
- Sana booda gorsa kennameef irraan kan ka’e barumsa sadarkaa lammaffaa isa xumuruuf m/b ‘argovian cantonal’ jedhamu seenee barachuun qabxii olaanaa ta’e fiduun gara kolleejjii dura inni dorgomee dhabee sana deebi’uun dorgomuun darbuu danda’eera.
- Ayinistaayin bara 1900^{tti} hanga eebbifameen booda waggaa lamaaf hojii barsiisummaa barbaadaa ture; hojii barsiisummaas argatee ture garuu yeroon booda gargaarsa maarseel giroosmaaniin biiroo takka ‘bern’ swiss keessatti gargaaraa ta’uun eegale. Innis biiroo kana keessa taa’uun hojiiwwan gurguddoo afur, isa bara ayinistaayin jedhamu 1905 maxxansuu danda’eera. Isaanis ‘photoelectric effect’, ‘Brownian motion’, ‘special relativity’ fi hariiroo anniisaa fi hanga ibsu hojjachuu dandaheera. Yeroo kana waggaan isa 26 ture.
- Sababa hojii inni hojjate kanarraa ka’uun yuunivarsiitii bern kessattii barsiisaa ta’uun hojii akka eegaluu taasisaniiruu. Bara itti aanuu barumsa waa’ee ‘electrodynamics and relativity principle’ yuunivarsiitii zuurik irratti barsiiseera. Sana booda yuunivarsiitii chaarles-ferdinaand, ‘Prague’ keessattii piroofeserummaa guutuu argateera. Akkasumas yeroo as turettii hojiiwwan 11 maxxansuu danda’eera.
- Yeroon booda akkaadaamii ‘Prussia’ keessa akka galuuf yaada dhiyeessanii amansiisuun achi keessa akka galu taasisaniiru. Yaada kanas kan amansiisan fiizistoota beekkama max planck fi walter Nernst turan.
- Bara 1911 immoo herreega fayyadamuun yaada birqaba walii gala (general theory of relativity) qopheesseera. Hojii isaa kanas nama Arthur eddington jedhamuun mirkaneeffamee addunyaa irratti akka beekkamuu isa taasiseera. Dabalataan hojiiwwan isaa kana kanneen biro muraasa kutaa isa saayinsii keessaa jedhu irratti ilaaluu ni dandeessuu.

KANA BEEKTUU?

- Hojiiwwan innii ‘theoretical physics’ fi ‘photoelectric effect’ irratti hojjateen badhaasa noobeelii 1921 injifachuu danda’eera. Garuu hojiin isaa guddaan ‘relativity’ waan isaaniif galuu dideef yeroo baayyee kaadhimamummaaf dhihaatus injifachuu hin dandeenye ture.sababni isaas akkuma beekkamu yaadni relativity xiqqoo wal xaxaa dha.
- Ayinistaayin sanyii ayhuudi waan ta’eef sababa kanaan akkuma beekkamu bara sanattii NAZI jaarmaanii GENOCIDE warroota ayhuudii irrattii godhaa tureef innis biyyichaa godaanuun gara ameerikaa dhaquu danda’eera. Akkasumas new jersey keessattii kan argamu yuunivarsiitii Princeton keessatti hojii barsiisummaa argateen hanga lubbuun isa darbitutti achi ture.
- Ayinistaayin haadha manaa isaa jalqaba “mileva maric” yeroo polytechnic keessatti ture kan wal baratan. Akkasumas yeroo sanatti barattoota daree isaa 6 keessaa ishee qofatu dubara ture. Isaanis wal baruun suutaan wal jaalatuus danda’aniiruu isaanis qormaata hedduu isaan mudateen booda bara 1903 wal fuudhuu danda’aniiruu.
- Caamsa 1904 immo daa’ima jalqabaa isaanii “hans” argataniiru. akkasumas daa’ima lammaffaa ‘edward’ argataniiruu. Garuu jaalalleen kunniin bitootessa 1919 adda hiikkamaniiruu. Akkasumas ‘edward’ dhukkuba ‘schizophrenia’ baayyee rakkataa ture.
- Ayinistaayin yeroo lammataaf ‘elsa lowenthal’ jedhamtu bara 1919 fuudhuu danda’eera. Isaanis bara 1933 waliin gara ameerikaa godaananiiruu. Gama biraatiin eelsaan bara 1935 addunyaa kana irraa sababa dhukkuba onneetiin boqotuu dandeetteeti.

KANA BEEKTUU?

- Hojiiwwan gurguddoo inni hojjate keessaa muraasni:
 - Photo electric effect
 - Special relativity
 - General theory of relativity
 - Zero point energy
 - Brownian motion
 - Matter-energy equivalence
 - Gravitational waves
 - bose-einstein
- akkasumas waggaa xumuraa isaa 30f yaada seerota fiiziksii hunda tokko godhu isa “theory of everything” jedhamu irrattii hojjataa turus osoo hin milkaa’in lubbuun isaa darbuu danda’ee ture. Guyyaa har’a yaadonni akka “superstring theory” fi ‘M-theory’ yaada kanaaf abdii dha.
- Ebla 17, 1955 oduun gaddisiisaan tokko dhaga’ame; innis albert ayinistaayin hayyuun fiiziksii kun addunyaa irraa boqochuu isaa ture. Wanti nama gaddisiisuu immoo jechi dhumaa inni dubbate beekkamuu dhabuu isaatii sababni isaas narsiin isa bira turte afaan jaarman waan hin beekneef inni immoo jaarmaniffaan itti hime ture. Wanti garmalee nama gaddisiisuu biraa doktorichi isa yaalaa ture ‘harvey’ jedhamu sammuu isaa giraamaa 1230 ta’u baqaqsuun keessaa fudhatee gara laaboraatoorii peenisilvaaniyaa geessuun bakka hedduutti kukkutuun hanga muraasa of biratti hanbisuun kaan immoo paatooloojistoota kenneera. Wanti nama aarsu gocha kana kan taasisee eeyyama ayinistayin ykn hiriyyaa isaatiin ala tahuu isaatii.
- Ayinistaayin sababa bakka biraa dhufeef akkasumas dandeetti inni qabu irraan kan kahee FBI odeeffannoo isaa fuula 1427 tahuu qoratanii kaahanii turan. Wanti baayye isa leellise immoo yeroo badhaasa noobeelii fudhatu haadha manaa isaa ‘mileva’ waliin adda hiikkamus qarshii badhaasicha irratti argate isheef akka kennu ibsuun godhees ture.

KANA BEEKTUU?

ADOOLF HITLEER



- Adoolf hitleer dhalataa oostriyaa fi lammii jaarmaanii kan ta'ee fi polotikaa irratti nama baldhinnaan beekkamu dha. Paartii NAZI hoogganuun akkasumas ajjeechaa cimaa warroota ayhuudii irrattii geessiseen beekkama; yeroo sanatti warroota ayhuudii miilyoona 6! Ajjeesiseera. Sababa kanarraan kan ka'e xiqqaa qabee hanga guddaa addunyaan guutuun keessattuu warroonni ayhuudii maqaa isaa yoo dhagahan onneen isaanii akka nama maaraatoonii berlin fiigettii kan dhahatu. Namni kun jinni ykn seexanaa miti hitleer nama jaarmanii ejjannoo fudhateef nama duubatti hin deebine dha. Anas seenaa namicha kana barreessuuf kan na kakaasee kitaabota hedduu irratti seenaa namoota waan gaarii hojjatan qofti waan gadhiifamuufi dha.
- Hitleer ebla 20, 1889 oostriyaaa keesstti iddoo 'braunau am inn' jedhamutti addunyaa luka tokkoon dhaabuuf namni jiru kun dhalate. Haati isaa 'Klara Potzl' fi abbaan isaa 'Alois Hitler' dha. Seenaan tokko tokko akka ibsutii haati isaa isa garaa baasuuf mana yaalaa deemtee garuu doktorichatu dhoorkeen malee!

KANA BEEKTUU?

- Hitleer yeroo ijoollummaa isaatti abbaa isaa fi barsiisota mana barumsaa keessa jiran waliin yeroo baayyee wal dhabaa ture. Inumaayyuu sababa abbaan dhiibbaa isa irraan gaheen boodarra akkas ta'e jedhu. Dabalataan wanti nama ajaa'ibsiisu immoo hitleer waggaa 8^{tti} barumsa faarfannaa mana amantaa kaatolika keessatti fudhataa akka turee fi irra darbees luba (qeesii) akka tahuuf kaadhimamee ture; innis abba amantaa tahuufis aabjuu guddaa qaba ture.
- Akkuma namoota oostriyaa jaarman biroo yaada jaarmaanummaa ykn isa 'nationalist' jedhamu umrii dargaggummaa isaatti akka eegale dubbatama. Innis faaruu ostriyaa faarsuu caalaa kan 'deutschlandlied' jedhu kan warra jaarmaanii hiriyyoota isaa waliin faarsaa ture.
- Abban hitleer 'alois' ammajjii 3,1903 tasa yommuu du'u, akkasumas harmeen akka lubbuuttii isa jaalattu isaa waggaa 18 jirutti muddee 21,1907 sababa kaansarii harmaatiin addunyaa kanarraa boqotteetti. Sababa gaddisiisa kanarraa kan ka'e hitleer rakkoo qarshii fi mana keessa jiraatuyyuu dhabuun rakkachaa ture. Innis jiruu kana injifachuuf barumsa fakkii waan barateeruuf fakkiiwwan adda addaa kaasuun gurguraa of jiraachisaa ture.
- Jibbiinsa warra seemii (ayhuudotaa) akka qabaatuu wanti isa kakaasee irratti wal dhabdeen hayyoota giddutti jiraatus garuu yaadota ka'an keessaa tokko akka jedhutti namichi tokko yaada kana naannawa inni jiraatutti babaldhisaa ture innis sana booda yaada namicha kanaa akka fudhatee himama; garuu daran jibbiinsa isaaniif qabu kan dabale erga jaarman waraana addunyaa tokkoffaa irratti injifatamteen booda ture.
- Paartii NAZI keessa kan gale bara 1921 ture. Ammajjii 30, 1933 chaansilara ta'uun akkasumas bara 1933 bitootessa keessa gara aangootti ol ba'eera. Innis sadarka kana bira ga'uuf xaarii hedduu taasissee ture; mana hidhaa keessas ture.
- Hagayya 22, 1939 adoolf hitleer waraana ofii qopheessun loltoota isaatti pooland weeraruuf akka ta'e fi qophii akka taasisan dhaamsa dabarse. Sana booda fulbaana 1, 1939 pooland weeraruun lixa poolaandii of harkatti galfateera. Sana boodas fireensi fi inglaand fulbaana 3

KANA BEEKTUU?

irratti waraana jaarman irratti labsaniiru. Weerarri jaarmanii kunis waraana addunyaa lammaffaa namoota baayyee fi qabeenya hedduu mancaaseef sababa guddaa ta'eera.

- Hitleer weerara kana booda biyyoota hedduu weeraruni fi humnaan qabachuu itti fuufe. Akka natti fakkaatuttii yaadni isaa akka naapoliyoon bonaapoortee yaale sana awurooppa tokko godhuuf ture. Jalqabarrattis weerarri inni taasisuu kun baayyee sodaachisaa ture.
- Jaappaan buufata doonii ameerikaa 'parl harbor' 'Hawaii' keessatti argamu erga rukutteen booda jaarmanis guyyaa afur booda waraana USA irratti labsitee. Dabalataan waraana sooviyeet irratti bane boodarratti akka inni dadhabu isa taasisee. Yeroon booda hitleer daangaa baldhaa inni qabatee ture humnoota biritteenii kan USA deeggaramtuu injifannoo irraa fudhatameen dadhabaa dhufuu eegale.
- Ebla 23, 1945 humni biritish isa raayyaa diimaa (red army) jedhamu magaala guddoo jaarman beerliin to'achuun akka hitleer lammata iddoo jiruu hin kaanetti kuffistee. Weerara kana booda namitti 'eva brown' jedhamtu waliin ebla 28-29 gidduuttii cidha geggeesseera. Garuu wanti isa gaddisiisu tokko mudate; innis itaalii fi jaarman weeraramuu ishee dhagahuu isaati, innis sana booda injifatamuu koo dhagahuu irra kan of ajjeesee wayya jechuun qawwee qabateerun of dhaheeti of ajjeeseera.
- Hitleer jireenyi dhuunfaa isaa haadha manaa amma fuudhe tana' eva praun' wajjiin kan wal barate bara 1929 yommuu tahu garuu isaan ebla 29, 1945 kan wal fuudhan ta'us ganama sana lachaniyyuu of ajjeesanii argamaniiru.
- Wanta isaa osoo hin dubbatin bira darbuu hin barbaadne tokko hitleer nama akkasittii ajjeesisus mirga bineensotaaf baayyee falmuun beekkama! Namaaf jaalala kan hin qabne akkamitti bineensota jaalate? Jettanii yoo na gaafattan deebiin kiyya 'time travel' godhaatii hitleer gaafadhaa ta'a.

KANA BEEKTUU?

🌈 MEERII KUURII



- Meerii kuriin dhalattuu poolaandii fi lammummaa fireensi kan qabdu yommuu ta’u, isheeniis gama fiiziksii fi kemistiriin bu’aa baayyee buusuu dandeetteetti. Keessattu waa’ee ‘radioactive’ irratti sirritti beekkanti. Akkasumas warroota dubartiin homaa gootee hin dandeettu warrroota jedhanii dubbatan sana afaan qabsiisuu dandeetteerti.
- Maqaan dhalootaa ishee ‘Maria sklodowska’ yommuu ta’u kan isheen dhalattee immoo sadaasa 7, 1867 magaala guddoo pooland kan taatee warsaw keessatti dhalatte. Abbaan ishee ‘wladyslw sklodowski’ haati immoo ‘bronislawa sklodowska’ jedhamu.
- Abbaan meerii herregaa fi fiiziksii barsiisa. Isheenis barumsoota kanneen irratti fedha guddaa waan qabduuf isheef toluu danda’eera. Abbaan ishees yeroon booda mana barumsaa inni barsiisaa ture irraa ari’ame, garuu gochii kun sirrii hin turre ta’us wanti godhee danda’uu waan hin jirreef meeshaawwan yaalii gara manaatti fide.
- Harmeen meerii bara 1878 yeroo meeriin waggaa 10 turteettii sababa dhukkuba tuberkiloosisiin lubbuun ishee darbee. Waggaa sadii dura oboleettii ishee zofia dhabdee ture meerii kuriin. Sababa kanarraa kan ka’e amantaa dura kan kaatolikii hordoftu dhiistee warroota waaqni hin jiru jedhani (atheist) sanniin keessa galtee.

KANA BEEKTUU?

- Yeroo kana booda isheenis mana barumsa bultii seenuun baracha turtee, qabxii olaanaa fiduun gara yuunivarsiitii ‘flying’ jedhamu seenuun achitti laaboraatoorii keessatti yaaliiwwan adda addaa geggeessuu itti fuuftee.
- Bara 1891 meeriin poolaand dhiisuun gara fireensi imaltee. Sana booda yuunivarsiitii paariis seenuun barumsa isheen jaalattuu fiiziksii, keemistirii fi herreega qo’achuu itti fuufte. Isheenis achumatti digrii jalqabaa fi lammataa ishee fudhate.
- Yuunivarsiitii kana keessatti osoo qorannoo geggeesitu nama ‘pierre curie’ jedhamu wal barte. Isaanis achumaan wal jaalachuun adoolessa 26, 1895 cidha geggeessaniiru.
- Bara 1895 ‘wilhelm roentgen’ ‘x-ray’ hanga argateen booda henrii beekiriliyees yuuraniiyeemiin ray gadhiisuu isaanii hubate. Meeriinis wanta kanarrattii qorannoo geggeessuuf murteessite. Isheenis qorannoo gaggeessa turtee bodarratti ‘ray’ gad dhiifamu kuni atom biraa akka tahee bira geessee. Yaaliin kunis yaada yeroo sanatti atomiin gargar hin bahu jedhu kan faallessuu waan taheef argannoo cimaa ture.
- Yeroon booda meerii kuriin albuudota yuuraaniyeemii lama ‘pitchblende’ fi ‘torbenite’ jedhamu irratti qorannoo geggeesiteen yuraaniyeemii caalaa tokkon tokkon isaanii harka 4 fi 2 ‘ray’ kana gad dhiisuu ture. Akkasumas bara 1898 elementiin ‘thorium’ ‘radioactive’ akka tahe bira geesseetti. Dabalataan jecha ‘radioactive’ yeroo duraatiif ishee moggaase ture.
- Baruma kana meerii fi abba warraa ishee pierre wajjiin tahuun elementii lama haarawa argachuu danda’aniiruu. Elementoonni sunniinis ‘polonium’ maqaa biyya dhaloota ishee poolaand irraa fi inni lammataa ‘radium’ hikkan isaa ‘ray’ kan tahee argachuu danda’aniiruu.
- Muddee1903 ‘royal swedish academy of science’ meerii kurii, pierre kurii fi heenrii beekiruyeel badhaaasa noobeel injifachuun isaanii ifoommee. Kunis meerii kurii dubartii jalqabaa badhaasa kana fudhattee ishee taasissee. Jalqabarratti meerii kuriin sababa dubara taateef badhaasicha keessaa baasanis garuu boodarratti sirrii akka hin taane irratti walii galuun badhaasicha akka fudhatu taasifame.

KANA BEEKTUU?

- Ebla 19, 1906 oduu gaddisiisaa tokko meeriitti himame; innis abbaa warraan ishee sababa balaa konkolaataan lubbuu isaa darbuu ture. Kunis baayyee ishee miidhee ture; ta'us bara 1906 yuunivarsiitiin paaris iddoo piroofeserummaa abbaa warraa isheef kennamee ture akka isheef kennamu irratti walii galan. Sababa kanaan piroofeesara dubartii jalqabaa ta'uu dandeessee.
- Rakkoon kuni hundi ishee irra gahus meerii kuriin ammas gosa barnootaa keemistiriin badhaasa noobel bara 1911 yeroo lammataaf fudhachuu dandeesse. Kunis nama jalqabaa gosa lamaan badhaasicha injifate gochuu danda'een.
- Dubartiin cimtuun kun kan dura warroota dhiirotaan olaantummaa irratti muldhatu saayinsii keessattii dubartiin tokko hangam waan jedhaniif duubatti hin deebinee tahuu ishee agarsiisteetti. Ta'us bara 1934 dubartiin cimtuun tun addunyaa irraa boqottee. Sababni du'a ishee 'anemia' ta'us garuu 'radiation' baayyee akka miidhamteettuu himama.

🌈 KIILYOOPAATRAA (CLEOPATRA)



- Kiiliyoopaatraan dubartii bulchituu mootummaa pitoleemii kan ijiptiin hoogganu fi fara'ona dhumaa kan taate dha. Akkasumas bareedinna ajaa'ibsiisaa qabduunis sirritti beekkamtii. Bareeddinna ishee kanarraan kan ka'e fiilmiin hojjatameraafi akkasumas warroonni dhiiraa haadha manaa isaanii akka ishee bareedduu akka ta'an ibsuuf maqaa ishee kana akka leellootti fayyadamu.

KANA BEEKTUU?

- Kiiliyooapaataan DH.K.D bara 69 magaala aleeksaanderiyaattii abba ishee' Ptolemy XII auletes' fi haadha ishee 'Cleopatra VI phalma' irraa akka dhalatte himama.
- Aleeksaandar guddichi erga ijiptiin weerareen booda aleeksaander lubbuun isaa ni darbitee; innis daangaa baldhaa inni qabateeru kana jeneraalotaaf hirame akka bulchan dhaammatee du'ee. Haaluma kanaan pitoleemiin jeneraala ijiptiin keessatti akka tahu muudame. Innis turtii yeroo dheeraaf erga bulche biyyattii lubbuun isaa ni darbite. Innis aangoo isaa ijoolleewwan lamaa isaa kiiliyooapaatraa fi 'Theos philapator' wajjiin akka aangoo qabatan dhaamuun du'e. wanti nama ajaa'ibsiisuu immo aangoon maatii kana keessaa akka hin baaneef kan cidha geggeessan maatiima sana jidduutti ture. Haaluma kanaan oboleewwan lamaan kun wal fuudhaniiru.
- Garuu yeroon booda namoonni dheebuu aangoo qaban beekkaan oboleewwan lamaan kana wal lolchiisuuf shira baayyee xaxanii dhumarratti oboleessi akka oboleettii isaa ajjeesisuu amansiisaniiru, namoonnii kiiliyooapaatraaf hojjatan waan kana hanga dhagahaniin booda Dhoksaan bakka jirtuu baasanii gara Syria akka godaantu gochuun lubbuu ishee hambisaniiru.
- Namichi poompeey jedhamu kan hoogganaa roomaa durii kan ture abbaa isaa wajjiin walii galtee cimaa kan qabu ture; namichi kunis mootii room tahuuf irratti hoogganaa waraanaa cimaa room beekkamaa juuliyas qeesaar aangoo irratti wal dhabdee guddaa jidduu ture. Poompeeyis mucaa pitoleemii kana deeggarsa gaafachuuf gara isaatti imale; ta'us mucaan oboleettii isaayyuu ajjeesuuf ture namicha kanas morma isaa irraa kutuun ajjeesee juuliyas qeesariin gammachiisaa jedheeti ture.
- Juuliyas qeesaarini yeroo kana arguu baayyee gaddee; sababni isaas namichi kun hanga fedhe diina isaa ta'us pitoleemii gargaaraa ture. Innis achuma aleeksaanderiyaa taa'uu eegalee, kiiliyooapaataanis carraa kanatti fayyadamuun oboleessa ishee faanaa akka araarsu qeesar waliin walii galanii, sana boodas gara aangootti deebi'uu dandeesseetti. Isheen is bareedinna saniin yaada dura juuliyas qeesar addunyaa guutuu qabachuuf yaadee ture akka jijjiiree ijipti biratti dhaabbattuu taasiftee. Galata isheef haa ta'u biyyi keenyas aadaa roomii

KANA BEEKTUU?

badaa sana kan amantiiwwan baayye faana wal dhabsiisu biyya keenya akka hin seenne sababa waan taateef. Sababa kanaaf hayyuun tokko akka jedhettti “osoo funyaan kiiliyoopaatraa xiqqoo gabaabatee addunyaan bifa kana hin qabaattu turte.” Jechuun leellisaanii ture.

- Isheenis yeroon booda sababa du’a oboleessa ishee irraan kan ka’e kophaa ofiitti bulchuu eegalte. Warroota ijiptiin weeraruuf dhufes qaama bareeda sanaan sossobaa ijiptiin akka hin weerarre ni dhorkiti turte.
- Yeroon booda mootichi roomaa biraa ‘augustus ceasar’ gara aangootti erga baheen booda ijiptiin dhaqee weeraree, isheenis homaa gochuu hin dandeenye. Akkasumas mootichi kun sobee ishee gara room wamuun akka ajjeesisuf barbaaduu waan dhageesseef , nama beektuun bofa qodaa keessa godhii fidi jetttee isheenis beekaati bofaan of hiddisiisuun addunyaa kana irraa boqottee.

KANA BEEKTUU?

KUTAA SADII

SAAYINSII KEESSAA

- kutaa kana keessattii mata dureewwan namoonni hedduun beekuu barbaadan saayinsii keessaa filadheeti isiniif dhiyeesseera.

- **BIIG BAANG (BIG BANG)**



- Gaaffii namoota baayyee kan ta'e hawaan (universe) akkamitti uumame kan jedhuuf yaadota baayyee ka'aa turan. Kanneen keessaa yaadonni gurguddoo lamatu jira; inni jalqabaa akka warra jiraachuu waaqaatti amanan(theist) hawaan kan uumame waaqayyoon yommuu jedhan warroonni saayinsii immoo hawaan kan uumamte homaa(nothing) irraa jedhu yeroo duraa sanattii akkasumas hawaan kun hammi isaa 'zero size' ykn 'singularity' jechuun yaada biig baang kanaan ibsuu; ta'us saayinsii keessatti yaadonni baayyeen ni jiru fakkeenyaaf akka 'quantum space-time theory' jedhutti hawaan keenya kun kan argame hawaa dura du'e irraa jedha; ta'us ani garuu yaada sayintistoonni baayyeen fudhatan kana isiniif dhiyeessun filadhe.
- Yaada biig baang yeroo duraaf kan dhiheesse nama 'georges lemaître' jedhamuu dha. Yaadni isaas yuunivarsiin 'atom' irraa akka dhufe kan ibsu ture. Ta'us boodarratti yaadni kun haaromfameetii theory amma jiruu kana kan arginuu.

KANA BEEKTUU?

- Namoonni baayyeen maqaa big bang kana yommuu dhagahan dhohiinsa guddaa itti fakkaata. Sana booda isaanis yuunivarsiin kan uumamte dhohiinsa guddaanii jedhu, garuu yaadni kun dogoogora dha. sababni isaas jalqaba maqaa kana kan moggaase saayintistii beekkamaa 'Fred Hoyle' yommuu ta'u innis deeggaraa 'steady state theory' ture, sababa hubannaa dhabuu irraan kan kahe maqaa moggahe kana sirreesuuf astiroonomerri beekkaman 'Carl Sagan' namoota addunyaa irra jiraniif akka hojii manaatti maqaa ta'ii kanaaf akka moggaasan gaafachun akkasumas maqaawwan baayyee gara isaatti dhufan keessaa harki baay'een maquma kana kan biig baang jedhu waan filataniif dogoogora ta'us maqichi akkasumati akka itti fuufuu ta'ameera. Sababni guddaan jijjiirraa maqaa kanaaf sababa ta'ee yuunivarsiin jalqaba kan uumamte dhohiinsa osoo hin taanee babal'achuu 'space' dhaanii sababni isaas yuunivarsiin gara itti dhohu waan hin qabneef ykn yuunivarsiin dhuma (edge) hin qabneefi dha..
- Biig baang dura theory waa'ee uumama yuunivarsii ibsu 'steady state theory' jedhaman faatiis ni turan. Akka yaada biig bang jedhutti hawaan jalqaba hammi (size) isaa zeeroo ykn 'singularity' jedhamuun beekkamu fi rukkinna 'infinite' akka qabduu fi teempireechara hanga digrii seelishiyeesii triliyoona akka taatee dubbata. Erga yuunivarsiin babaldhatuu eegaleen booda (as biratti yoommuu yuunivarsiin babaldhata jedhuu 'space' jechuu koo akka ta'e naa beekaa) teempireecharichis xiqqaata dhufuun akkasumas sababa kanaan 'particle' akka uumamaniif sababa guddaa taheeraafi. Yeroon booda haalonni mijataa waan dhufaniif urjiileen, gaalaaksiiwwan fi pilaanetoonni akkasumas qaamonni biraa hawaa keessa jiran uumamaniiru yaada jedhuu dha.
- Yaadni kun lafaa ka'amee kan jedhamee miti; namoonni baayyeen kijiba duwwama odeessa saayinsiin yeroo jedhan waan dhagaheef anis wanti jechuu barbaaduu saayinsiin yaalii fi raga irratti kan hundaa'ee dha atis yoo isa mormitu ta'e ragaan mormuu qabda jechuu barbaada akkuma amma ibsetti biig bang akka ragaatti wantoonni inni dhiyeefatu yoo ilaallee:
 - ✓ Namichi Edwin Hubble jedhamu kan gaalaaksiin nu keessa jiraannu yuunivarsii keessa isa tokko qofa yaada jedhu jijjiiruun gaalaaksota

KANA BEEKTUU?

biiliyoonaan laakka'amu akka jiran nama hime dha. Namichi kunis waa'ee gaalaksota yeroo qo'atuu baayyeen isaanii nurraa adda fagaataa akka jiran (red shift) isa Doppler effect irratti beekkamu sana agarsiisaa ture, kunis gaalaaksonni baayyeen isaanii nurraa akka fagaataaran agarsiisa garuu kan akka androomeeda gara gaalaaksii keenyaatti dhufaaruu; yeroo kana jedhu 'space' gaalaksota jidduu(intergalactic) jirutu babaldhataara malee gaalaaksii miti.sababa kanarraa kan ka'e yeroo duriitti gaalaaksonni kunniin bakka tokko jiru yaada jedhu kaasuun akkasumas fageenyi gaalaaksotaa fi saffisni isaanii hariiroo sirrii akka qaban waan bira gaheef edwiin foormullaa fayyadamuun waggaa yuunivarsiis tilmaamuu danda'eera; Sana booda saayintistoonni umrii yuunivarsiin biiliyoona 14 akka ta'e ibsaniiruu. Kunis yaada biig baangiif raga guddaa ta'eeraafi.


- ✓ Akkasumas deeggarsi biraa “radiation” yeroo biig bang gad dhiifame argamu akka danda'amu saayintistoonni yaada dhiheessanii turan. Yeroo muraasa booda bara 1964 akka tasaa hiriyoonna lamaan 'bell telephone laboratory' keessa hojjatan 'radio reciever' yommuu hojjatan sagalee nama jeequu tokko dhagahan. isaanis yeroo sagalee kana qulqulleeffatan hawaa irraa akka dhufaaruu galeefi yeron booda saayintistoonni yaada isaan dura yaadan kan 'cosmic microwave background' akka ta'e galeef inni kunis biig baangiif raga biraa ta'uu danda'eeraafi hiriyoonna lamaan kunis sababa kanaan badhaasa noobel injifachuu danda'aniiruu.

- ✓ Ragaan biraa immo elementoonni baay'innan amma hawaa keessatti argaman kan isa biig baang waliin walii galuu danda'eera.

- Biig bang haala bareeda kanaan uumama yuunivarsiis ibsus hanqinnootas ni qaba, innis gaaffilee akka biig bang dura maaltu ture? Jedhuuf deebii waan hin kennineef akka hanqinattis ni fudhatama. Waan hundaafuu dabalataan waa'ee biig bang kitaabota adda addaa irratti dubbisuu ni dandeessu.

KANA BEEKTUU?

- ‘EVOLUTION’



- Gaaffii namoota baayyee kan ta’e dur bara filoosofaroota irraa ka’ee jiru dhalli namaa eessaa dhufe fi eenyutu uume kan jedhu dha. Gaaffi kanaafis warroonni ‘creationist’ waaqayyootu nama biyyeerraa uume yommuu jedhan gama saayiinsiin immo dhalli namaa kan argame adeemsa suutawaan jedhu yaadni kunis ‘evolution’ jedhama.
- Bara 1809 inglaand keessatti kan dhalate chaarles daarwiin bara 1859 kitaaba isaa baayyee beekkamaa kan ta’e ‘the origion of species’ jedhu irratti akkamittii dhalli namaa fi sanyiiwwan biraa bifa kana qabaatan kan ibsu maxxansee. Yaadni 'evolution' kun bu’uura akka ta’etti fudhatama.
- Akka 'theory' kanaatti sanyiiwwan amma arginu kun waggootan biiliyoonaan dura 'cyanobacteria' irraa kan argaman akka ta’e ibsa. argamiinsa orgaanizimii kanaas yoo ibsu bishaan keessatti wal nyaatiinsa elementootaan 'amino acid' uumamu akka danda’eefi kunis pirootiinii uuma; sana booda haaluma kanaan itti fuufee akka orgaanizimicha kana argamsiisee Kan ifoomsuu dha. Yeroon booda organizimoonni bishaan keessa jiraatan heddumaatuun akkasumas isaan keessaa muraasni maaf lafatti baanee hin yaallee jedhanii yaaduun sana booda gara lafaatti bahani haaluma sanaan warronni balali’uu barbaadanis ni balali’an sana booda dhawaata dhawaataan sanyiin dhala namaa inni ammayya kun dhawaataan jaldeessa irraa akka dhufe dubbata.

- $E=MC^2$

KANA BEEKTUU?

- Dursa yaada foormullaa kanaatti osoo hin seeniin foormullaan kun maal akka bu'u isinitti himuu barbaada.

$$E = MC^2$$

E= Energy

M= Mass

C= speed of light (300,000,000km)

- Albert yeroo yaada birqaba waliigalaa (general theory of relativity) qopheessutti yaadni tokko sammuu isaa keessa dhufe innis anniisaa fi hanga harriiroo maalii waliin qabu? Kan jedhu turee. Innis yeroon booda yaada 'mass-energy equivalent' ykn hariiroo anniisa fi hanga ibsu kana foormullaa $E=MC^2$ jedhuun agarsiiseera.
- Akka yaada kanaatti hanga gara annisaa akkasumas anniisaan gara hangaatti akka deebi'u agarsiisa. Sababa foormullaa fi yaada kanaan aduun akkamitti akka anniisaa maddisiistuu beekuun danda'ameera. Akkasumas human anniisaa akkamitti maddisiisuu akka dandeenyuu, atomic bomb hojjachuun akka danda'amu ('manhattan project' keessatti saayintistoonni hirmaatan meesha kana hojjachuu isaaniitiif erga lubbuun namoota baay'een jaappaan keessatti darbeen booda itti gaabbanii turan) fi k.k.f sababa foormullaa kanaaf ittin hojjachuu dandeenyeerra. Akkasumas yeroo yaaliif atomic bomb lafa badheetti USA dhoostu elementii haarawaa argamuu danda'ee ture. Innis kabaja albert aayinistaayinif 'einsteinium' jechuun moggaafameera.

KANA BEEKTUU?

- HOLQA GURRAACHA (BLACK HOLE)



- 'Black hole' qaama harkisni ykn 'gravity' isaa baayyee guddaa ta'e fi wantoonni akka 'particle', 'electro magnetic radiation' kanneen jedhaman akka ifaa keessa bahuu hin dandeenyee dha. Akkasumas wantoota isatti dhihaate gara ofiitti liqimsuun qaama beekkamu dha. Baayyinnaan kan argaman gaalaaksota gidduutti dha.
- Yaada argamiinsa 'black hole' kana albert aayinistaayin 'general theory of relativity' irratti dhiheessus inumtiyyuu argamiinsa isaanii kanatti hin amanu ture. Garuu namichi 'karl Schwarzschild' jedhamu akka argaman amanuun qorannoo taasisuun argamiinsa isaanii bifa saayinsaawaan ibsuuf yaalee ture kunis nama duraa isa taasisee ture. Namoonnni baayyeen qaamni kun hin argamuu ykn soba jedhaa turanis, Garuu ebla 10, 2019 yeroo duraatiif fakkii qajeelaa black hole gargarsa 'event horizon telescope' jedhamtuun yeroo duraatiif argamuu danda'eera. Balck hole argame sunis supermassive black hole kan ta'ee fi gaalaaksii 'messier 87' keessatti argamu ture.
- Black hole kan uumamu yeroo urjiileen hammii isaanii baayyee guddaa ta'an du'an ykn 'nuclear reaction' handhuura(core) isaanii kessatti geggeessan yeroo dhaaban kan uumamu dha. Innis erga uumameen booda sababa 'gravity' guddaa qabuuf 'particle' adda addaa , urjiilee isatti dhihaatan liqimsuun, akkasumas black hole biraa wajjiin walitti bu'uun hamma baayyee guddaa kan 'supermassive black hole' jedhaman uumuun fa'a hamma isaanii guddisuu.
- Black hole amaloota (feature) baayyee maalalchiisoo ta'an inni qabuun beekkama. Isaan keessa ijoo yoo ilaalle:

KANA BEEKTUU?

- ✓ Sababa 'gravity' guddaa qabu irraa kan ka'e ifniyyuu keessa seenee keessaa bahuu iddoo hin dandeenyee dha. Yommuu kana jedhu akkanatti yaadaa (imagine godha) ifa baatirii tokko gara boolla tokkotti yommuu ibsitan akkuma beekkamu achi keessa waan jiruu arguu ni dandeenya kunis sababni isaas harkisni lafaa xiqqoo waan ta'eefi 'reflect' gochuu ni danda'a garuu osoo ifa baatirii black hole keessatti ibsitani wanti adda baafatan tokkos hin jiru ykn hin argitan sababni isaas 'black hole' :gravity' guddaa waan qabuuf of keessatti liqimsa. Daangaan ifti achi keessaa bahuu hin dandeenyes 'event horizon' jedhama.
- ✓ Amalli isaa biraa immoo wantoota isatti dhihaatan hunda akka paastaatti adda dheeressuun gara dhukkeetti jijjiiruu isaatii adeemsi kunis 'spaghettification' jedhamuun beekkama. Haala kanaan osoo ati black hole dhihaatte akka paastaa adda si dheeressuun dhukkeetti si deebisa! Namni hundi biyyetti deebi'a jechuu dandeessa garuu black hole immo dhukketti si deebisa!
- ✓ Wanti baayyee nama ajaa'ibsiisu biraa immo naannoo black hole yeroon ykn sa'aatiin suuta jedhee laakka'uu isaati. Namoonni waa'ee kanaa dubbistanii hin beekne haarawa akka isiinitti ta'u nan beeka sobas jechuu ni dandeessuu garuu jaalattus jibbbitus dhugaa dha. Sababni isaas akkuma aayinistaayin 'relativity' irratti ibseen sababni guddaan naannoo kana immoo 'gravitational time dilation' dha. Isa kana immoo hubatuuf akanatti isinitti himaa sa'aatii tokko lafarra keettanii tokko immoo osoo satalaayitoota baayyee lafarraa fagaatanii argaman irra gootee yeroon bakka lamaan jiru qixa hin laakka'u! sababni isaas gravity yeroo irratti dhiibbaa fiduun waan xiqqeessuf kan lafarra jiru suuta laakka'aa garuu kan satalaayitoota irra jiruu ariifate laakka'a waan gravity achitti xiqqaatuf. Akkuma sana black hole immoo gravity baayyee guddaa waan qabuuf yeroon suuta jedhee laakka'a! yoo sirritti ammas hin amanne ta'e osoo yeroon qixxee laakka'a ta'eetii technology GPS uumamuu hin danda'u ture.

KANA BEEKTUU?

- Qaamni kun baayyee akka isin ajaa'ibsiisuu abdiin qaba, akkasumas astiroonoomii fi fiiziksii yommuu sirritti dubistan waan baayyee isiniif ajaa'iba ta'e garuu barumsichaaf ajaa'iba hin taanee baayyeen waan jiruuf akka dubbistan isin jajjabeessuu barbaada kitaabota kanneenis yoo barbaaddan karaa telegramiin ykn email fuula jalqabaarratti isinii kaa'eeruun na gaafachuu ni dandeessu anis isin deeggaruuf akka yaaluu asuman waadaa isinif galuun barbaada.

KANA BEEKTUU?

KUTAA AFUR

BINEENSOTA AJAA'IBSIISOO

- Guchiiin farda caalaa fiiguu ni danda'a, akkasumas dhiirri guchiiin akka leencaa barooduu ni danda'a.
- Weeliin cuquliisni(blue whale) tokkichi qofti hanga arba soddomaa waliin walqixa ta'e ni qaba.
- Umrii sattawwaa tokko tuttuqqaa (spot) isa irra jiru qofa ilaaluun tilmaamun ni danda'ama, yoo tuttuqqa gurraacha ofirraa qabaate jaareera jechuu dha.
- Naachi osoo ati laga ykn hara keessatti daakaattu sitti dhufe maal goota? Lafa nana na liqimsi jechuuf hara keessa jirta silaafuu. Rakkoo hin qabu barreeffama kana dubbisteetta yoo ta'e , tooftaan inni guddaan quba kee gara ija naachaatti dhiheessuu dha. Yeroo kana naachi sodaatee deemaa, akeekachiisa naachi sun garmalee beela'ee yoo jiraatee garuu an keessa hin jiru.
- Gosti qurxummii 'star fish' jedhamu sammuu hin qabaniyyu! Odeeffannoo adda addaa kan sassaaban seelii addaa gogaa isaanii irra jiruunii.
- Funyaan sareewwanii akkuma ashaaraan namaa garagara ta'e asharaan fuunyaan isaanis garagara.
- Akka seera biyyoota hedduutti Oktoopaasii (octopus) seeraan ala baqaqsuun gochuun hin danda'amu sababni isaas bilchinna sammuu guddaa waan qabaniif.
- Chiimpaanziin parsantii 99 DNA isaanii kan dhala namaa wajjiin wal fakkaata. Dhalli namaa hunduu parsantii 99.9 wal fakkaatu; kan gargar bahan isa 0.1 sanaan dha.akkasumas muuzii faanaa parsantii 60 dha.
- Hanga eegeen kaangaarroo lafa tuqutti kaangaarroon utaaltee hin dandeettu, sababni isaas madaala eeguufi (balance gochuuf).
- Akkuma beekkamu dhalli namaa ilkaan 32 biqilchuu danda'a; garuu shaarkoonni jireenya isaanii keessatti giddu galeessan ilkaan 30,000 ol biqilchu! Osoo kan namaa akkas ta'ee hoo?

KANA BEEKTUU?

- Dhalli namaa waggootan 500 darbe keessatti sanyiiwwan bineensotaa 322 guutumaan guututti akka badan taasiseera. Kunis baayyee kan nama gaddisiisuu dha.
- Paarootiin ‘alexa’ jedhamtu afrikaa keessatti kan guddifamte dhala namaan ala bineensa gaaffii gaafatu ta’uun ishee duraatii. Akkasumas jechoota 800 ol dubbatti!
- Dhalli namaa akkuma beekkamu yeroo boqonnaatti onneen isaa naannawa 70 daqiiqaa tokko kessatti dhahataa, garuu yeroo fiigu si’a 200 dhahatuu ni danda’a. simbirroowwan garuu yeroo boqonnaa isaanitti si’a 400 akkasumas yeroo balali’an si’a 800 daqiiqaa tokko keessatti dhahata.
- Simbirroon xiqqaan addunyaa kana keessa ‘humming bird’ jedhama. Isaanis yero tokkotti si’a baay’ee koola isaanii rukutuu ni danda’u.
- Gosti simbirroo ‘albatross’ jedhamu osoo balali’u rafuu ni danda’a.
- Risaan (eagle) yeroo roobni roobu akka kanneen biroo bakka itti qubatu hin barbaaduu, sababni isaas duumessa gubbaa bahuun balali’a kunis hangam aka risaan bilchinna qabu agarsiisa.
- Sa’attiin takka yoo duute, kanneen biro immoo sababbii du’aaf ishii saaxile kana qoratani bira gahuun boruuf rakkoon sun akka hin mudanne irraa baratani of eegu.anis yeroo kana barreessutti yaada ‘Benjamin Franklin’ sammuu koo keessa dhufe innis akkana jedha “har’i barataa kaleessaati.” Kan jedhu dha. Sa’awwanis waan kana dhagahuu hin oolu.
- Peenguyinoonni haadholiin yoo daa’imman isaanii jalaa du’an deemanii kan haadha biraa jalaa hatu.
- ‘Magellanic penguin’ kan jedhaman deemsa maayila 200,000 booda deebi’anii namuma isaan dura waliin turanitti deebi’u. sababa kanaaf magellanic jedhan.
- Aduree fi sareen yeroo gammadan eegee isaanii sochoosuu akkasumas adureen nama ciniinuun agarsiifti gammachu isii.
- Kanniisni dammaa dhukkuboota wal qunnamtii saalaatiin dhufan walitti daddabarsuu ni danda’u.
- Booyyeewwan addunyaa kana irra jiran keessaa walakkaan isaa qotee bultoota chaayinaan eeggamu.

KANA BEEKTUU?


- Oysteeronni saala isaanii jijjiiruu ni danda’u; akkasumas saala duraa isaanitti deebi’uus ni danda’u!
- Mootonni gurguddoon kan addunyaa luka tokkoon dhaabsisan kan akka ‘Napoleon’, ‘Julius Cesar’ fi ‘Charles XI’ adurree garmalee sodaatu. Inumaayyuu ‘napoleon’ naannoo dhumarratti kan injifatameefi sababa diinonni isaa bakka waraanaatti adureewwan baay’ee isaa waan itti gad dhiisaniif ‘napoleon’ dhiisee biraa deemuu isaatiifi!!!
- Hangi ‘blue whale’ kan ‘dinosaur’ ni caalaa! Namoonni baayyeen daayinoosari kan gahu waan jiru hin seetan ta’a garuu ammas ni jira kan isa caalu.
- Dhala namaatti aanuun bineensi saala wal fakkaatu gidduutti wal qunnamtii saalaa raaawwatu simbira halkanii qofa dha!
- Baakteeriyaa kiloostriideem bootulizim jedhamu paawundiin 2.5 qofti namoota addunyaa irra jiran ajjeesuu ni danda’a!
- Maqaan saayinsaawaa goreellaa ‘Gorilla gorilla’ dha.
- Raammoon ifaa ifa maddisiisuu hoo’a osoo hin maddisiisin! Akkasumas kan akkana godhaniif saala biraa hawwatuuf dha.
- Baakteeriyaa tooksiipilaazmaa jedhamu morma hantuutaa keessa yoo ka’an hantuutni suni adurree sodaachuu ni dhiisa!

KANA BEEKTUU?

KUTAA SHAN


SEENAAWAN AJAA'IBSIISOO FI DHOKATOO

- Yeroo waraana addunyaa lammaffaa iindiyaan loltoota miiliyoona 2.5 bifa tola ooltummaan biyyoota adda addaa deegaruun waraana irratti akka hirmaachisaan taasisuun tokkoffa turte.
- Abbaa seenaa jedhamuun kan beekkamu heroodotas, piraamiidiin ijiptii garbootaan ijaarame jedhus dhugaan garuu kan hojjatan hojjattoota miindaan kaffalamuufi dha.
- Laakkofsa amma oromiffa ykn ingiliffa keessatti fayyadamnu kan isa 'arabic numerals' jedhamu kan kalaqan araboota osoo hin taane hayyoota herreegaa indiyaa turan.
- Keemikaalli 'nicotine' jedhamu yeroo baayyee sigaaraa keessatti kan argamu, moggaasni isaa kan dhufe nama 'jan nicot' jedhamu kan fireensiif ambaasaadara tahuun poorchugaal keessatti tajaaajile akkasumas 'tobacco' fi sigaaraa gara biyya isaa fireensitti galchuun beekkamuu dha. Innis kan akkas godhuuf qorichumaaf jedheeti.
- Albert aayinistaayin israa'eel keessatti pireezidaantii lammaffa ta'uun bara 1952 gaafatamus inni garuu hin barbaadu jechuun yaadicha jalaa kuffiseera.
- Jaarraa 13^{ffaa} keessa phaaphaasiin kaatolikii 'Gregory IX' adurreewwan addunyaa irra jiranitti waraana labsee ture! Sababni isaas adurreewwan hafuura seexanaa (jinni) qabu waan jedhee yaadeef ture.
- 'Amphitheatre' room magaala guddoo itaalii keessatti argamu isa 'coliseum' jedhamu maqaan isaa kan moggaafameef siidaa isa cinaa jiru colossus jedhamuu irraa ture.



KANA BEEKTUU?


- ‘Amphitheatre’ kana keessatti yeroo baayyee ‘gladiator’ ykn loltoota kan ta’an warroota dhiirota qofa seetu ta’a, garuu dubartoonnii ‘gladiator’ ta’anis ni turan.
- Yeroo waraana addunyaa tokkoffaa irratti faransaayiin (France) paaris sobaa (fake Paris) ijaartee turte. Sababni guddaan ishees diinotni magaala guddoo isaanii kana akka weeraran waan hin barbaadneef ture.
- Hoogganaa beekkamaa kuubaa kan ta’e ‘fidel castro’ kana ameerikaanii fi qaamoonni diinoa isaa isa ajjeesuuf ykn ajjeechaa yaalii si’a 600 ol itti yaadamus tokkichi isaas isa ajjeesuu hin dandeenye ture!



- Namoonni baayyeen namni yeroo duraatiif ‘white house’ isa ameerikaa keessa jiru sana pirezidaantiin jalqaba seene ‘george washington’ itti fakkaataa, garuu dhugaan jirtu ‘John Adams’ pirezidaantii duraa ‘white house’ keessa sene ta’uu agarsiisa.
- Balbii ifaa jalqabaa kan hojjate toomaas ediseniin beektuu baayyen keessan jedheen yaada garuu dhugaadhan isaa miti; sababni isaas waggaa 40 dura (osoo toomaas edisen baalbii ifa hin hojjetin) astiroonomerii fi keemistii kan ta’e ‘de la rue’ jedhamu, baalbii ifaa jalqabaa hojjatee ture. Akkasumas abbummaa kalaqaawwan 1093 kan qabu toomas edisen bayyeen isaanii kalaqtoota biraa irraa kan bitee fi hate ture!

KANA BEEKTUU?

- Bara 1826 pirezidaantonni ameerikaa lamaan ‘John Adams’ fi ‘Thomas Jefferson’ garaagarummaa sa’aatii 5’n guyyaa walfakkaatutti addunyaa irraa boqotan. Guyyaan kunis guyyaa baayyee gaddisiisaa warra ameerikanotaa ture.
- ‘Columbus’ nama yeroo duraatiif ameerikaa irra qubatee miti! Sababni isaas abuurraan awurooppaa beekkamaan inni biraa ‘Erikson’ jedhamu osoo ‘columbus’ ameerika hin dhaqin waggaa 500 dura ameerikaa gahee waan tureef. Akkasumas warroonni gurraachotaas akka achi dhaqan hunda duras ni dubbatama.
- Namichi ykn mootiin ‘Gengis Khan’ jedhamu namoota miiliyoona 40 ajjeesuu danda’eera! Kana jechuun haala yeroo sanaatti parsantii 10 laakkofsa addunyaa fixuu danda’eera jechuu dha. Kan hitleeriin caalus akka jiru hin dagatinaa.
- Qaamni loltoota poolaandii yeroo waraana addunyaa lammaffaattii ‘bear’ akka loltuutti itti fayyadamanii turan. biiriin kunis erga waraanni xumurameen booda bakka bineensonni jiraatan galchanis didee ture.



- Namni yeroo duraatiif antarktikaa keessatti dhalate ‘Emilo Marco Palma’ jedhama. Innis bara 1978 ture; namoonni baayyeen achitti dhalatuu mitii namnummaan tokkoo achi waan argamu itti hin fakkaatu.

KANA BEEKTUU?

- Bara 1946 haangaarii keessatti olka'iinsa gabaa (denomination) guddaa hanga har'a mudatee hin beekne irra gahee ture. Sababa kanarraa kan ka'e noottii '100 quadrillion'!!! hojjachuuf dirqisifamanii turan. Mee yaadaa noottin guddaan biyya keenya keessa jiru kan isa dhihoo dhufe kan abbaa noottii 200 dha; kuni garuu kuwaadriliyoona 100! Akkasumas yeroo dhihootti zimbaabweenis rakkoon kun irra gahuun nootti '100 trillion' ta'e hojjachuuf dirqisiifamte turte. Sababni guddaan uumama rakkoo kana baayyachuu qarshiiti, mootummaan keenyas osoo qarshii keenya daddafee jijjiiruu baateetii akka isaanii kana taanee oolle. Wanti nama ajaa'ibu sababa rakkoo kanaan qarshiin akkuma baalaa waan baayyateef namoonni muuzii tokko bituuf qarshii isaanii miiliyoonaan laakka'amu bitaa turan! Waa'e kana irratti baldhinaan kitaaba kana kan kutaa lammaffaa irratti nu eegaa.



Kan zimbaabwee



Peengoo (qarshii) Kuwaantiliyoona 100 haangaarii

KANA BEEKTUU?

- Namoonni baayyeen qalama yeroo waaman iskiriipitoon yeroo jedhan ni dhageessu jedheeti abdii godhadha. Garuu hangam keessantu beeka iskiriipitoon maqaa kaampanii yeroo durii qalama oomishu isa 'scripto' jedhamu akka ta'e! anis waan kana yeroo dhihootti dhagahee waan na ajaa'ibsisef isinii dhiheessee; namoonni biyya keenyas isarraa ka'uun iskiriipitoon jechuu akka waamuu eegalan yaada.



- Waraanni 'anglo-zanzibar' waraana daqiiqaa 30 qofa fudhachuun yeroo gabaabaa keessatti dhumate dha.

KANA BEEKTUU?

KUTAA JAHAA

XIINSAMMUU (PSYCHOLOGY)


- mata duree kana jalatti gama xiinsammuudhaan yaadota barbaachisoo jedhee yaade akka armaan gadiitti isiniif dhiyeesseera.

✚ YEROO



- ✓ duraan dursee waa'ee yeroo dubbatuun dura yeroon maali?
- ✓ Namoonni baay'een yeroon isa darbe isa ammaa fi kan fulduraa jechuun ibsu. Akkasumas yeroon duubatti deebi'uu hin danda'u.(time machine yoo fayyadamtee garuu ni danda'ama)
- ✓ Mee hangam keenyatu yeroo seeraan itti fayyadamna? Guyyaa tokko keessatti sekondiiwwan 86400 sana eenyutu seeraan itti fayyadama? Anis kan har'a jechuu barbaadu guyyaa tokko keessatti sekondiiwwan jiran kana akka qarshii 86400 siif kennama. Ati garuu mee guyyaa tokko keessatti yeroo kee seeraan kan fayyadamte sa'aatii 2 osoo ta'eeti qarshii 7200 qofa fayyadamte; kanneen hafe immoo ni qisaaseesite jechuudha.
- ✓ fakkeenya biraatiin yoo ilaalle namichi hiyyeessi tokko qarshii baay'ee akkuma arge yeroo karaa irratti jissaa deemu yoo argite maal jetta? Fayyaan jiraa namichi kun jettee hin yaadduu? Sababni isaas qabeenya waan qisaasessaaruuf. Garuu na amani ati yoo yeroo gubda ta'e isa caalaa gowwaan akka keeti hin jiru. Sababni isaas inni qarshii darbe sana deebi'ee fudhachuu ni danda'a ati garu yeroo darbe san deebisuu hin dandeessu.

- BEEKKUMSA



KANA BEEKTUU?

deemanidha. Yero kana jedhu dargaggeessi hin dubbisu jechu kootii miti. Sababni isaas dargaggeessaa fi daa'imman yeroo dubbisan waan argeef.

- ✓ dhaamsi guddaan barattootaaf dabarsuu barbaadu beekkumsa kan argamu kitaaba dareettii barannu waan ta'eef waan biraa dubbisuun hin barbaachisu warri jettan dareetti namni tokko kihtaaba daree qofa dubbisaa 1ffaa bahun ykn averejjii olaanaa fiduun akka jagnummaatti of ilaalta ta'a. garuu na amani ati kaayyoon kee digriif waan ta'eef gaafa digrii fixxes kitaaba hin jaalatu. Ati kanuma daree hordofuu barbaadda. Garuu namoonni kitaabota adda addaa dubbisan ofirra darbees biyyaa bu'aa, wantoota xixiqqoonis sobamuu hin danda'an. Akkasumas fageessanii yaaduu ni danda'u.
- ✓ mee maatiin keessan ykn hiriyoonna keessan baay'een isaanii waan dareetti barattaniin ala yommuu dubbiftu yoo si argan; maal godhaarta?, kana yoom bira geettee?, maal sii godha ammatti? Fi kkf yeroo jedhan isin hin mudannee? Garuu ijoolle dubbiftaniif dhaamsi kiyya wantoota akkanaaf gurra hin kenninaa.
- ✓ Rakkoo guddaa warroota barreesitootaa baay'ee arge inni guddaan kitaabotni baay'een isaanii asoosama ta'uu isaaniiti. Dhugaan jedha iddoo mana kitaabaa kamiyyuu yoo dhaqan harki baay'een isaanii asoosamaa fi psychology dha. Kitaabota akka an qopheesse kanaa kan beekkumsa waliigalaa qabatee baay'een hin argaman. Kan jiranis qubaan kan laakkawamanidha. Ta'us garuu lammii dubbisu oomishuun dirqama keenya.

KANA BEEKTUU?

➤ DUBBISUU



- ✓ Wantootaa sammuu keenya akka gabbatan godhan keessaa inni tokko dubbisuudha. Namoonni baay'een yommuu muuka'an 'game' ykn 'social media' fayyadamu. Akkasumas namoota dubbisan yoo argan ni maraatta namana jedhu. Garuu isaan fayyaan waan jiran isaanitti fakkaata.
- ✓ Dubbisuun nama guutuu nama taasisa. Isa kanaaf ani ragaa guddaa ta'uufii nan barbaada. Sababni isaas dubbisuun hangam akka nama jijjiiru waanan argeef. Lammii qaroomme fi isa sammuu bilchaate qabu kan waanuma xiqqoon sobamuu hin dandeenye, isa ganamaa fi galgala kaayyoo ofii bira gahuuf tattaafatu ykn xaaxa'u uumuu kan dandeenyu lammiin dubbisu yoo jiraate qofaadha.
- ✓ Namootni bebbeekamoon addunyaa digrii hin qaban garuu waan dubbisaniif sadarkaa guddaa irra gahaniiru. Fkn. Abrehaam liinkan yeroo tokko yeroo dubbatan kitaaba tokko liqeeffachuuf jecha km 12 akka lukaana deema turan himama. Mee yaadaa? Akkasumas john f. keeneedi hojii isaa seenuun dura gaazexaawwan 40 dubbisa! Biilgeet, opraah wiiinfrey kunneen hunduu dubbisa akka malee jaallatau.
- ✓ Garuu yeroo dubbisnu kitaabota barbaachisoo malee kanneen faayidaa hin qabne irraa of qusachuu qabna.

KANA BEEKTUU?

KUTAA TORBA

EERTUUWAN (QUOTE) BEBBEEKKAMOO ADDUNYAA

- Jalqaba irratti eertuu ani baayyee jaaladhu tokko isiniif dhiheessuun eegala.
“Yeroon kee daangeeffamee jira; kanaafuu jireenya nama biraa jiraatuun yeroo kee hin qisaasessin. (your time is limited, so don’t waste it living someone else’s life)” ‘steve jobs’.
- “Ani hiyyeessa qarshii argadhuunis kitaaba bitadha; kan irraa hafeen uffataa fi nyaataan bitadha.” Erasmaas
- “Ati ifa qofa ibsi, dunkanni yeroo isaattittuu bada.” Erasmaas
- “Namni dogoogora hin uumne, waan haaraa uumuu hin danda’u.” albert aayinistaayin
- “Injifannoon guddaan jireenya keessatti gonkumaa kufuu osoo hin taane yeroo kufan hunda bakka kufanii ka’uu dha.” Nelson mandela
- “Yoo wanta ati qabdu ilaalta ta’e yeroo hundaa isa caalaa qabaatta; garuu yoo wanta ati hin qabne ilaalta ta’e isaa gadi qabaatta.” Ooppraah wiinfrey
- “Yeroo hundaa adda ta’u kee hin dagatin akka namoota biro.” margaareet meed
- “Dhumarratti kan laakka’amu waggoota jireenya kee keessatti argamu osoo hin taanee, kan lakkaa’amu jireenya waggoota kee keessaati.” Abrahaam liinkan
- “Ati yeroo tokko qofa jiraatta; garuu isa seeraan yoo itti fayyadamte tokko qofti gahaa dha.” Mae west
- “Ofitti amanamumma guddaan gara abjuu keetiitii imali; akkasumas jireenya ati yaadde jiraadhu.” ‘henry david thoreau’
- “Jireenyi baayyee salphaa dha; garuu namatu wal xaxaa godhaara malee.” Confishiyas
- “Jireenya jiraataattu jaaladhu;jireenya jaalatte keessas jiradhu” boob maarleey

KANA BEEKTUU?

- “Eegalteetta kan jedhamu, yeroo odeessuu dhaabdee hojjachuu eegaltee.” ‘walt disney’
- “Beekumsi jalqabaa wallaalummaa kee amanuu; beekuun immoo yaaduu irraa eegala.” ‘socrates’
- “Rakkoowwan addunyaa kanarra jiran kan dhufan wallaalummaa irraa kanaafuu malli jiru immoo beekumsa qofa.” ‘socrates’
- “ Waraana injifachuu ni dandeenya; garuu nagaa hin injifannu malee.” aayinistaayin
- “Ana kan na kolfisiisu, nama beekaa ati nan jedhu.” Aayinistaayin
- “Dubbattee amansiisuu yoo hin dandeenye hin dubbatin.”
- “Jireenyi koo akka kitaaba banamee dha.” Mahatahama Gandhi
- ‘Hojii amantaa irraa hin qabne yeroo hojjettuu dhumarraattii boolla bira hin gahamnetti akka kufuutti laakka’ama.” mahatama Gandhi
- “Yaadaan walii galuu dhabuun jibbiinsa mitii; osoo akkas ta’e haadha manaa koo caalaa dinni koo hi jiru turee.” mahatama Gandhi
- “Dhalli namaa nyaatuu fi dhuguu ni beeka garuu dhandhamuu kan beekan muraasa.’ konfishiyaas

KANA BEEKTUU?

KUTAA SADDEET

TAPHOOTA IJOOLLEE KEESSAA MURAASA

- ✓ Kan hanga ammaatti dubbataa ture addunyaa walii gala keessaa ture. Mee amma immoo gara biyya keenyaatti deebinee taphoota ijoollee tokko tokko taphatan kan isinis duubatti deebitanii yaaddan isinii dhiyeessuuf nan yaala.

➤ **Takkaan maali?**

- ✓ Taphni kun tooftaa warri ijoollee isaani laakkofsa ittiin barsiisani dha. Mee bifa gaaffii fi deebiitiin haa ilaallu.

Gaaffataa

deebisaa

- ✓ Takkaan maalii? Takkaan takkattima
- ✓ Lamaan maalii? lamaan mucha re'ee
- ✓ Sadan maalii? sadan sunsumman
- ✓ Afur maalii? Afur mucha sa'aa
- ✓ Shan maalii? shan qubbiin harkaati
- ✓ Jaha maalii? jaha jabbii qaraxaa
- ✓ Torba maalii? torban naannoo sanbataa
- ✓ Saddeet maalii? saddeet dhala leencaa
- ✓ Sagal maalii? sagal yaa'ii booranaati
- ✓ Kudhan maali? Kudhan boolla saddeeqaa
- ✓ Dhibbi maalii? dhibbi ija gingilchaati

- **akeekkachiisa-** tapha kana irratti fakkeenya lamaan mucha re'ee erga jedheen booda takkeen takkattima jedhama. Ani garuu gabaabsee waan dhiyeesseef malee.

➤ **Waa godo godoo**

- ✓ Taphni kun tapha ijoollee kan waareeti. Kaayyoon tapha kanaas nama gar-jabeessaa fi gar-jabeettii addaan baasuudhaaf.

KANA BEEKTUU?

Taphachiisaa

Waa godo godoo
Goda billaanchaa
Dhuufuu cinaachaa
Dhahaa bitaachaa
Waa harree nyaatuu
Waa saree nyaatuu
Waa bofa nyaatuu
Waa raacha nyaatuu
Waa farda nyaatuu

Taphattoota

qaanquu
qaanquu
qaanquu
qaanquu
qaanquu
qaanquu
qaanquu
qaanquu
qaanquu

Hanga lukkuun kiyya baalee baargamaa iyyitutti,

Kan seeqate

Kan kolfite

Kan dubbatte

Waan maqaa waame kana hunda ciffatta jedha.

- Tapha kana irratti taphachiisaan waan adda addaan sobee ykn kofalchiisuuf yaalaati isaan akka kolfan godha. Akkasitti taphatama.

➤ Binoos bineensaa

Kunis tapha ijoollee ta'ee saffisaan akka deebisaniif gaaffatama.

A= binoos bineensa? B= bineensa

A= maal fa'a? B= leenca

A= maal fa'a? B= qeerransa

A= maal fa'a? B= waraabessa

A= maal fa'a? B= gadamsa

A = maal fa'a? B= booyyee

A = maal fa'a? B= qorkee

A = maal fa'a? B= karkarroo

A= dogoogorte foon karkarroo hin nyaatan; moo'atamte jechuun taphni marsaa tokkoffaa xumuramee haaluma kanaan marsaa itti aanus itti fuufa.

KANA BEEKTUU?

KUTAA SAGAL (9)

SEEROTA AJAA'IBSIISOO ADDUNYAA

- ✓ Singaapoor keessatti hancaqqee ykn maastikaa alanshuun seeraan nama adabsiisa!
Inumaayyuu hancaqqeen gurguramus bitamus hin jiru. Sababni inni guddaanis qulqullina biyyichaa eeguudha. Akkasumas qulqullinnaan biyya addunyaa irraa 1ffaa taatedha.
- ✓ Mexico keessatti namni saayikilii (bicycle) oofu tokko peedaalii irraa luka kaasuun dhoorkaadha.
- ✓ 'Georgia' keessatti lukkuun daandii qaxxaamuruu hin dandeettuu.
- ✓ Meerilaandi keessatti namni tokko leenca qabatee mana 'cinema' seenuun dhoorkaadha.
- ✓ Iskootlaandi keessatti namni tokko dhufee balbala kee irra dhaabbatee sana booda daree qaama itti dhiqatan kee (bathroom) na fayyadamsiisi yoo jedhe namichaa eeyyamuun dirqama keeti! Mana koottii moo yoo jetteen mana sirreessaatti of argita!
- ✓ Oshawaa, ontaariyoo keessatti mukarra koruun seeraan kan dhoorkamedha.
- ✓ Awustraaliyaa, viktooriyaa keessatti eyyama osoo hin qabaatin balbii ifaa jijjiiruu hin dandeettu. Sanaan ala ni adabamta.
- ✓ Tuuriin, itaalii keessatti saree kee yeroo sadi ilaalu qabda.
- ✓ 'Samoa' keessatti namni tokko inumaa guyyaa dhaloota haadha manaa isaa irraanfachuu hin qabu. Sanaan ala adabbiitu eeggata.
- ✓ Kutaa USA kan taate neevaadaa keessatti koondoomii fayyadamuu ykn bituun seeraan kan dhoorkamedha.
- ✓ Inglaandi keessatti bakka buufata baaburaatti wal-dhungachuun dhoorkaadha. Taappeellaan isaan dhoorkus bakka bakka baay'eetti jira.

KANA BEEKTUU?

- ✓ Dhaabbatni raadiyoo kaanaadaa keessa jiran hundumti sirba kaanaadaan ala kan lammii biyya alaa sirbisiisuun seeraan kan dhoorkamedha.
- ✓ Lammiileen ‘kentucky’ keessa jiran kamiyyuu dirqama nafa dhiqachuu yoo xiqqaate waggaatti al tokko qofa.
- ✓ Akkaataa heera USAtti umrii xiqqaan pireezidaantii ameerikaa kan nama taasisu waggaa 35 dha.

- ✓ Jaarraa 16 fi 17 keessa biyya turkiitti namni buna osoo dhugu argame adabbii du’aatiin adabama!
- ✓ Jaappaan keessatti namni tokko dhuunfaatti seeraan qawwee harkaa bituu hin danda’u.
- ✓ Fiilmii elzaabeet teylar hojjatte ‘cleopatra’ ijipiti keessatti bara 1963tti akka hin muldhanne dhoorkamee ture! Sababni isaas isheen ayihudii waan taateef.

- ✓ Konkolaataa oofaa bilbilaan haasawuun israa’el keessatti seeraan nama adabsiisa.
- ✓ ‘Massachusetts’ keessatti gara siree imaluun dura nafa kee guutuu dhiqachuun dirqama.
- ✓ Kooriyaa kaabaa keessatti namni tokko macaafa qulqulluu ykn quraana yeroo dubbisu akkasumas pornoogiraafii yommuu ilaalu yoo qabame adabbii du’aatiin adabama! Akkasumas biyya masgiida ykn waldaa hin qabne dha.

- ✓ Vaatikaan keessatti eegaa ykn body guard phaaphaasii ta’uuf lammii swiizelaandii ta’uu qabda.
- ✓ USA ‘army basic training’ darbuuf dirqama dubartiin tokko ‘push up’ 17 daqiiqaa lama keessatti akkasumas dhiirri immoo ‘push up’ 40 daqiiqaa 2 keessatti hojjatuu qaba.

KANA BEEKTUU?

KUTAA KUDHAN

SAAYINSII AJAA'IBSIISOO

- ❖ Abaaboon (sun flower) wantootaa 'radioactive' ta'an balleessuuf ni gargaaru.
- ❖ Neeptiyuuniin pilaaneetii osoo hin argamne shallaggii herreegaa qofaan bira gahame isa jalqabaati.
- ❖ Sababa cabbiin naannawa antartikaa baqaa dhufeef naannoo kanatti jijjiiramni harkisa lafaa (gravity) xiqqoo mudateera.

- ❖ Roobni vaayitaaminii B12 of keessaa qaba.
- ❖ Qaama kee keessatti baay'inni baakteeriyootaa baay'ina seelota keetii ni caalu!.
- ❖ Saayintistoonni tooftaa bilbila chaarjii ittiin godhan fincaan fayyadamuun kalaqaniiru.
- ❖ Yeroo footoosenteensisii biqiloonni ifa 'flourecense' jedhamu kan dhalli namaa hin argine gad dhiisu.

- ❖ Jechi saayintiisti jedhu jalqaba dhagahamuu kan eegale naannoo bara 1833tti ture.
- ❖ Guyyaa tokko keessatti saayintistoonni sanyiiwwan 41 haaraa ni argatu.
- ❖ Dinnichaan baayyinna kiroomoozomota qabuun kan namaa caala.
- ❖ Saayintistoonni harree diidoo tokko sararoota isaanirra jiruun 'scan' Godhuun adda baasu. Inni akka ashaaraa fayyada.

- ❖ Waggaa tokko keessatti lammiileen ameerikaa dolaara miliyoona dhibba shan sababa 'allergy' jedhaniiti qarshii kana hunda baasu.
- ❖ Insuliiniin kan dhibee sukkaaraaf akka qorichaatti itti fayyadamnu kan dhufu hoolotaa fi booyyee irraa.

KANA BEEKTUU?

- ❖ ‘Heart attack’ guyyoota kamiyyuu caalaa guyyaa wiixaxaa mul’ata.
- ❖ Maqaan saayinsawaa ‘icecream headeche’ sphen palatinaganglioneural gia jedhama.
- ❖ Ofii keetii of qirqirsuu (tickle) gochuu hin dandeettu.
- ❖ Yeroo ‘Luis Pasteur’ talaallii (vaccine) ‘rafies’ irratti hojjataa turetti yoo inni ykn gargaaraan isaa dhukkubichaan yoo qabame lachuu sammuu isaanii rasaasaan akka rukutaman itti himameeti.

- ❖ $111,111,111 \times 111,111,111 = 12,345,678,987,654,321!$
- ❖ ‘Mathematician’ addunyaan kun burqisiifte keessaa ‘paul erdos’ namni tokko umrii isaa yoo itti hime sekondii inni jiraate yeroo muraasa keessatti sammuudhaan hojjatee nama sanatti deebii sirrii hima. Kan nama ajaa’ibu kana kan godhu yeroo waggaa 4 turetti.
- ❖ $1089 \times 9 = 9801$ ta’a.
- ❖ Laakkofsi kophxii (prime) guddaan hanga ammaatti argame dijiitii miiliyoona 22 ol qaba.

- ❖ Akka ‘mathematician’ jedhanitti karabaatii tokko hidhachuudhaaf karaa 177,147 tu jira jedhu.
- ❖ Barattoonni hancaqqee ykn maastikaa alanshan barattoota kanneen biro caalaa herreega irratti cimoodha. Akkas taanaan ‘packet’ biti naan hin jetture gurbaa naan jedhaartu miti!!
- ❖ Laakkoofsi xiqqaan laakkofsoota 1-10 gidduu jiran hundaa kan hiramuu 2520 dha.
- ❖ $21978 \times 4 = 87912$ ta’a.

- ❖ Laakkofsi kamuu 9n baay’atee bu’aa isa dhufe sana yoo walitti edaanu 9 dhufa.
Fkn. $9 \times 2 = 18 \rightarrow 1 + 8 = 9$
 $9 \times 4 = 36 \rightarrow 3 + 6 = 9$
Akeekkachiisa lakk. Akka $111 \times 9 = 999 \rightarrow 9 + 9 + 9 = 27$ garuu ammas itti fufuun $2 + 7 = 9$

KANA BEEKTUU?

- ❖ Bakakkaan (lightning) essattii ykn fageenya hangam sirraa fagaatee akka bu'e beekuu barbaaddaa? Tooftaa kana beekuuf fayyadu jalqaba akkuma beekkamu ifatu dura mul'ata. Isinis akka ifti mul'ateen sekondii laakka'uu ni eegaltu. Fkn. Sekondii 10 yoo laakkoftanii sagalee bakakkaa dhageettan, lakkaa'uu itti dhiiftu.
 $10\text{sec} \times 300\text{m} = 3000\text{m} \rightarrow 3\text{km}$ ta'a jechuudha. Garuu ifa isaa argitanii sagalee isaa hin dhageenne taanaan foormulaa isaa salphaadha; innis rukutamteerta jechuudha!